مؤسسة دار الفكر
Dar Al-Fiker Foudation
فنفني – إثيوبيا

# قضية المنهجية في الفكر الإسلامي

د. عبد الحميد أحمد أبو سليمان

# XIINAXALA ISLAAMAA KEESSATTI DHIMMA ADEEMSAA

Qopheessaan:
Prof. Abdulhamiid Ahmad AbuuSuleeymaan

Hiikaan:
Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee - Itiyoophiyaa 2018

# قضية المنهجية في الفكر الإسلامي

## د. عبدالحميد أحمد أبو سليمان

# Dhimma Adeemsaa, xiinxalina Islaamaa keessatti

## Qopheessaan:
## Dr. Abdulhamiid Ahmad Abuu Suleeymaan

**Hiikaan:**

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha*

**Finfinnee – Itiyoophiyaa 2018 G.C**

**DF-E-TrBs-18/35**

*Maqaa Rabbii uumama hundaaf rifataa ta'eetiinii fi, Mu'uminaa isaatifis caallaatti rifataa ta'eetin jalqaba.*
*Faarun kan Rabbii aalama hundaati, Nagaayaa fi Rahmanni Isaallee, Guduunfaa Nabiyyootaa fi ergamtoota isaa irratti haa jiratu.*
*Yaa Rabbii beekkomsa naa dabali jedhi.*

*Maqaa Rabbii uumama hundaaf rifataa ta'eetini fi, Mu'uminaa isaatifis caallaatti rifataa ta'eetin jalqaba.*

ٱقۡرَأۡ بِٱسۡمِ رَبِّكَ ٱلَّذِي خَلَقَ ﴿١﴾ خَلَقَ ٱلۡإِنسَٰنَ مِنۡ عَلَقٍ ﴿٢﴾ ٱقۡرَأۡ وَرَبُّكَ ٱلۡأَكۡرَمُ ﴿٣﴾ ٱلَّذِي عَلَّمَ بِٱلۡقَلَمِ ﴿٤﴾ عَلَّمَ ٱلۡإِنسَٰنَ مَا لَمۡ يَعۡلَمۡ ﴿٥﴾ سورة العلق : 1-5

*Yaa Nabi Muhammad (SAW) Qur'aana irraa waan sitti buufame, Maqaa Rabbii waa uumudhaan, tokko ta'eetin, jalqbii dubbisi. Inni, Kan, ilma namaa cittuu dhiiga diimaa yabbuu ta'e irraa uume. Dubbisi, yaa Nabiyyicha, waan sirratti buufame. Rabbiin kee, baay'ee tola ooladhaa, haalan arjaadha. Inni Kan ilma namaa kabbee barsiisuu barsise. Ilma namaa waan inni hin beenne barsisee, dukkana doofummaa irraa, gama ifnana beekkomsaatitti baase. (Al- alaq: 1-5)*

وَٱللَّهُ أَخۡرَجَكُم مِّنۢ بُطُونِ أُمَّهَٰتِكُمۡ لَا تَعۡلَمُونَ شَيۡـٔٗا وَجَعَلَ لَكُمُ ٱلسَّمۡعَ وَٱلۡأَبۡصَٰرَ وَٱلۡأَفۡـِٔدَةَ لَعَلَّكُمۡ تَشۡكُرُونَ ﴿٧٨﴾ سورة النحل : 78

*Rabbiin, garaa haawwan teessanii keessaa isinii waa hin beeyne, baase (uume) ammas dhageettii/gurra, ijaa fi qalabii, isiniif uume. Wanni kana godheefis, akka Isa galatoonfattaniifi. (Al-Nahli: 78)*

# baafata

Mataduree fuula

Tokkoffaan: adeemsa aadaa kan xiinxalina Islaamaa,

madaalu fi qeequu......……………………………………….………5

Lammaffaan: bu'uuraalee fi seerota adeemsa

Xiinxalina Islaamaa……………………………………………...16

Sadaffaan: sirna baroomsaa islaamaati fi saayinsii………..…33

Guduunfaa: Islamummaa fi fuulduree..................................50

# Tokkoffaa: Adeemsa Aadaa kan xiinxalina Islaamaa, madaalu fi qeequu:

Qu'annoowwan Islaamaa keessatti Ilmiin Usul al- Fiqhii (beekkoomsi buu'uraaleeFiqihii) bu'uura adeemsaa jedhamee laalama. Adeemsi kun adeemsa Aadaa kan jedhameef, Adeemsa warroota qu'annoolee Islaamaa yeroo sanitti adeemsisaa turanii irraa ka'uudhaani. Ijjannoon warroota yeroo bakka buutotaa fi warraa Ijtihaadaa (murtii hubbannoo Qur'aanaatiif Hadisaa Irraa burqeen dabarsuu) bodaandhufaniixiinxalina Islaamaa kan yerooleejara lameen armaan olitti dubbatamee hordofuu fi jaladeemuu irratti hundaa'a.Siyaasaan yeroo san waajirran ykn bakka baroomsa isaanii hoogganaa? turte, akka beektoonni Islaamaa barreessuu fi qu'annoo Qura'aana, Hadisa qulqulluu Nabiyyii (SAW) fidimmoota namaatitti rarra'an kan akka Rabbiin gabbaruu fi hiriirran adda addaa irratti qu'annoo akka adeemsisan isaan gootee turte. Akkas godhuun, akka adeemsi sun kaayyoo isarraa eeggamu bakkaan gayu taasisee jira. Ammas, waliigaluummaalee isa(adeemsaa),goddinnaa fi gumaacha dabalataatiif mijjaayaa ta'e ture. Kanaafuu, dhaloottan isaan boodan dhufan, onnee jala deemsaatiin osoo hin ta'in, onnee ciminaatin adeemsa san ittifufsiisuu qaban.

*Baroomsi Usuul al- Fiqhii* kun, kufaatii motummaa *khilaafaa Raashidaa* (qajeeltuu) boodan, karaa beektoota Islaamaa gurguddoowwaniitin beekame. baroomsi kun bu'uura garee lamaa irratti hundaa'a:1) bu'uuraalee ijooti, Isiinis

akkaqabatamaatti,*Qur'aana* kabajamaa, *Hadisa Nabiyyii* (SAW) fi waliigaltee madaalaawaa ta'e irraatti hundoofti.

2) Bu'uuralee damewwaniiti.Sunis, garee seerolee, fi burqaawwan*Ijtihaada* (tattaafi murtii amantii burqisiisuti) Islaamaati. baay'inni isiitii fi barbaachisummaan isiillee Mazhaba/ Ilaalcha (Shaafi'iyyi, Hanbalii, Hanafii, Malikii) irraa Mazhabatti wal dabarti. Yeroo san irraa ka'ee baroomsi Islaamaa bromsa Shari'aa fi baroomsa idilee jedhamee addaan qodame.

Baromsi shari'aa (Amantii Islamaa) *Qur'aana* fi *Hadiisa* irratti hundaa'a. Jarris broomsa: Hiikkaa Q*ur'aanaa*, *Hadiisa*,*Fiqhi*, *Aqiidaa* fi Afaan Arabaa jechuudhan addaan qoodaman. baroomsi*Aqiidaa* (Rabbiin tokkichoomsuu) qu'annoolee walitti madaaluu keessaa seenuun, ammas hubannoon falsafaa warraa giriikis*Aqiidaa* keessa lixuun, beektoonni Shari'aa Islaamaa jiruu siyaasatiif hawaasummaa irraa fagaachuu wajjiin,xiinxalina Ummata Islaamaa keessatti, baroomsi*Aqiidaa* kun, madda dadhabinaa fi xiinxalina ummata Islaamaallee boodatti hanbisu ta'ee argamee.

# buu'uraalee

Tokkooffaan buu'uraalee ijoo, Qur'aana fi Hadiisa Nabiyyiiti (SAW).sadarkaan qu'annoo jara lameenii, sadarkaailaalchaa fi seenaa ta'uudhatu hubatama. Kana ta'uun, akka adeemsi qu'annooafaanii qofti qu'annoolee bromsa Islaamaa keessatti baay'atanii fi yeroowwan as'aanaakana akka *Ijtihaadni* dhaabbatus taasisee jira. Kanaafuu, akkaatan qu'annoo Sheeka Islaamaa "Ahmad bin Teeyimiyyaa", jiruu hawaasummaa fi siyaasaa keesatti hirmaachuun isaalle ergaa warroonni isa duraa fi boodallee *ijtihaada* dhiisanii, akka dandeettii *ijtihaada* horatu isa taasise jira. Kunis, akka qu'annoon isaa ilaalcha afaanii qofaan oso hin ta'in, dandeettii ilaalcha qabataamaatin laaluu akka horatus isa godhee jira.
Ammas, qu'annoolee *Qur'aana* fi *Hadisaa* irratti adeemsifaman keessattis, akkawalitti laaqomsaa fi mormiin baay'een jara lameen jidduu jirtu hubatama.Qu'annoolee tanneen, seenaa jijjirama hin qabnee fi adeemsa*Naskiittu* (murtii shari'a murtima shari'a tan birootin shaaruu) injifatee ture.
*Ijmaa'a Usuulaa* (waliigaltee *Usuulaa*) jechuun, waliigaltee hin daangeffamne kan mormii Ykn wal-dhabbii abbaa feedheetiifuu karaa hin kennine. Kanaafuu, waliigalteen *Usuulaa* bu'uraalee jechoonni amantii ittiin dhufaniin qofaa keessatti mirkanaayuu danda'a. Yoo ragaan jechoota (*Qur'aanaa fi Hadiisaa*) argaman, waliigalteen fedheeyyuwannibarbaachisuuf hin jiru. Kanaafuu, Ijmaa'an *Usuulaa*, hubannoo ilaalcha akaadaamii qofa. Waan kana ta'eef, inni akka qabatamaatti, bu'ura hubannoo keessa

galuu miti. Ammas, karaa hirmaannaa Islaamumma, hawaasummaa, siyaasa fi sochiilee ittiin taasisanii miti.

*Qiyaasa* (walitti madaaluu) jechuun, wantoota yeroo ergaa (ergaan Nabiyyichatti dhufutuu) hin argamin, ykn dhimma isii ilaaluunis ragaan*Qur'aanaa* ta'ee *Hadiisaa* ittiin hin dhufinii fi walgittuuwwanisii kan yeroo ergaa argamteen walitti madaaludha. Bu'uura *Qiyaasaa* akkataa sirrii ta'een adeemsifamuudhaaf, haalli waliigalaa kan hawaasa bifa tokko taa'ee, murtiin jara lameen wal-fakkaachuu qabdi.

Yeroo *Khalifaa* "Umar bin al-Khaxxaab" irraa ka'ee -Rabbi isa irraa haa jaalatu-, dachii fi Ummanni Islaamaa babal'achuu wajjin,biyya Islaamaa mara keessatti hawaasin, guutumaan guututti qaroomee jijjiiramas argamsiisee jira. Kanarraa ka'uudhan, buu'urri *Usuulaa* harofti kan motummaa Abbaasiyyootatiif buu'ura ta'e, biyya Iraaq fi Faris (Iraan) keessatti argamee bal'ates jira. Inni sunis, buu'ura *al-Istihsaan* (jaalachuu) jedhamudha. Bu'uurri kun, mataduree buu'uraalee dameewwaaniti.

akkanatti, seera baasan, ilaalcha hangaa irraa gama ilaalcha waliiniitti tarkaanffachuu fi murtiillee akkaataa ilaalcha Shari'aatin murteessuu danda'ee jira. kanaafuu, *Usuulli* dameewwanii,adeemsa xiinxalina Islaamaa keessattibuu'ura lammaffaati jechuudha.

Waldhaasowwan siyaasaa mootumma Islaamaa keessatti jalqabuun, erga rakkoon guddooti (Ajjeefama Khaliifaa Usmaan) fi hundeeffama motummaaUmawiyyaati.sanirraa ka'uun addaan faggeennahooggantoota siyaasaa fi hoggantoota xiinxalina Islaamaa jiddutti uumamee. Wantoonni dubbatame

kunis, jalqaba seenaa ummata Islaamaa keessatti, laafina xiinxalina Islaamaakan akka *Ijtihaada*, yaada dhiyeessu fi waa uumuu irratti dhiibbaa gahee isaani qahee isaani qaban. Tattaaffileendhuunfaa tan bektonni Islaamaa taasisaa turan, xiinxallaa islaamaa keessatti hirmaannaa mataa isii qabaachun shakki hin qabu. Haata'u malee, isiin karoora beekkomsaa fi adeemsaa qajeelfama jechoota Islaamaatin hundaa'ekan bakka buutu hin turre. Akkas ta'uun, adeemsa xiinxalina Islaamaa fi baroomsa isaa kan qu'annoo tilmaamuu, walirraa dabarsu, adeemsa jechoota irratti hundaa'e fi wantootaa isatti rarra'u kan akka baroomsa afaani fi aadaa (arti) irratti mul'ate.

Kun akka saayinsiitti, jiruu ummataa lamatti addaan qoode: tokkoon sani, jiruu dhuunfadhaati. Gama xiinxalina Islaamaa fi adeemsa isaa kanattis, bektoota isaa ilaalchisun xiyyeefannaan keenneme jira. Kuun immoo, jiruu waligalaati. Kan hooggantootaa, abbootii aanggo fi dhaabbileen waliigalaa, beektota xiinxaltoota Islaamaa xiyyeeffannaa itti kennuu dhabuu fi gara cinatti dagachuudhan dhuunfatan. Ilaalchi jarriin kun hooggantootaaf qabaataa turan, ilaalcha shakkii, kan itti amanummaa of keessa hin qabnee fi seeraa qabeessa hin ta'in.

Dhiibbaa haala jallataa sochii ummataa kessatti argame kanaatinii fidadhabbina dhaabbilee isaatin, raawwin xiinxalina Islaamaa, nama guddisuu fi ijaaruu irraa, gara shururkeessumma xiinxalina fi hacuucinna hoggantoonni siyaasaa, hawaasaa fi xiinxalina haala adda addaatin adeemsisanitti jijjiiramutuu mula'ata. Sababaa aaddan muramuu fi waldhaansoo kanaatin, lolli dhugaa hin ta'in, jidduu Ergaa Rabbi irraa dhufee fi sammuu namaatitti aragameen, addaan muramiinsa hamaa

jidduu baroomsa *Tawhiidaa* (Rabbi tokkochoomsuu) fi *Fiqhiititti* (hubannoo amanti) argame jira. Ammas, hiriira amantii fi jiruu hawaasumma jidduuttis dhiibbaa fide.

*Ilmiin Aqiidaa* (baroomsi *Aqiidaa*) karaa loogikaa, falaasafaa fi hubannoo sammuutin, dhimma wantoota (alamaa)hin mul'annee keessa seenuu irratti hundaa'a. Xiinxalinni Islaamaallee, xiinxalina karaa namaan badduu ta'e. kana ta'uunis,hubannoo Islaamummaa kan dhimma murtii fi barreefamaa tin beekkamu, namaaf uumuu irratti dhiibbaa hamaa fide.*Fiqhii* (hubannoo) Islaamaallee akka buu'ura*Aqiidaa* (amantii) kan mormii irratti hundaa'e dhabuu taasise. buu'ura saniin malee, xiinxalinni Islaamaa, sochii isaa kan *Ijtihaadaa (*tattaaffii hubannoo)ijaaruu ittifufsiisuu hin dandeettu.

Dimmootaa adeemsa xiinxlina Islaamaa kan Aadaa (jala deemuu) irraa, dhimma jechoonni Qur'aana kabajamaati fi Hadisin qulqulluu Nabiyyii (SAW) nassakhamuuti (murti Shari'aa kan dur, murtima Shari'a kan boodatiin shaaramu). Akkana jechuun, murti jechoota (Qur'aana fi Hadisa) tan irrraa boodaatu mirkanayaadha, haala fi yeroo qorannoon itti rarra'u oso hin laalin.

Asitti hubbanno *Naskhi* kan aadaa, ammas kan wal-diddaa fi gatuu, adeemsa haarawa kan sammuu qu'ataa fi xiinxalaa Islaamaa jeequ, mul'isuu argina.Sunis, waan buu'uraalee wahyii fi ergaa keessatti ijoo ta'an gataa ta'eef. Haala kanaan, hiika ergaa fi qajeelcha isii kan turaa ta'e gatuu fi karaa dhiphaa ta'etti isii dhiibuutu keessa jira.akkasumas, murtileen Shari'aa hawaasa Madiinaa fi mootummaa isaanii kan yeroo xumuraa jiruu Nabiyyi (SAW) erga Makkaan bananii/seenanii (yeroo Madiina

kan lammataa jedhama) turan qofa irratti akka hunda'u taasisa. Kana ta'uunis, yeroo Nabiyyi (SAW) irraa, kutaa tokkoffaa fi lammaaffaa kan "yeroo Makkaa" fi yeroo "Madiinaa kan dura" wallaaluu ta'a.

Fakkiwwan dhiibbawwan hamtuu kan hubannoon *Naskhi*kan aadaa fidee irraa, hubannoo hiriira Muslimtoota fi kan Muslimtoota hin ta'in jidduu jirtuuti. Aayaanni s*eeyfi* (jihaadaa) xumura (yeroo Madinaa kan lammataati) keessa buute, ummata Muslima akka warrota Rabbitti waa dabaluun lolan ajajji. Sunis kan ta'eef, haala isaanii sirreesudhaa fi qalbii isaanillee tolchuuf.

Warroonni gariin (beektota Islamaa irraa) Aayanni dubbanne tun, Aayaattota isii dura tan warroota Muslimaan hinlolin wajjiin wal-danda'anii jirachutti nama ajajjuu shaartee jirti jedhani ilaalu. Kun, akka hubannoolee amantitti waamuu, kan hiriira fakkaataa irratti hunda'e akka dhiifnee, wali-dhiisunis/danda'uunis dhimma dhuunfaa ta'ugodha. Ammas, hubannoo mirga amanti dhiphisuun immoo, seera ta'e argama.

Asitti, murtiilee fi gubbaan jechoota qofti wal dhabuun, akka murtii shaaruu fi gatuu hin ta'ini ifaadha. haata'u malee, akka halli adda addaa tan jiruu ilma namaa, ijjannoo fi murtiilee adda addaa barbaaddi jechuu ta'es ifaadha.

Dogoggorri hubanno Naskhi aadaa keessatti darbe kun, addaan qoodama xiinxalina Islaamaa kanammaa, dhimma karoora hojiilee waamichaa, seera Islaamaa keessatti fi hiriira sanillee dhimma yeroo Makkaa fi Madiinaatiin walittiqabu keessattis ni mul'ata. Sababaan kana, gariin warra xiinxalina, Muslimtoonni dhimma Shari'aa fi murtiilee keessatti, yeroo Makka keessa jiraatan jedhanii ilaalu.gariin biro immoo, seerooleen yeroo

Madiinaa fi Murtiileen isillee hordofuun dirqama jedhanii ilaalu. Akkasuma, isiin wantoota dabree irraa waan isiifaallessus hundaa ni shaarti jedhanii ilaalu.Jechoonni jechootaa Qur'aanaa keessatti dhufan shaarun kan akka Qiblaan gara Makkatti jijjiramuu, akka ilaalcha kaayyoo fi waliigala Shari'aa irrattti hundaayudhaan, ilaalchicima fi guutuu ta'u qabu hin dhoorgu. Kanaafuu, karaan yeroo Makkaa fi Madinaa jedhamee itti addaan baafamuun hin jiru.

## Dhimmi dhalaa fakki ifa galaadha

Fakkiilee ifagalaa ta'an kan hanqina adeemsa aadaa/hordoffi irraa, dhimmaa dhalaati fi hubannoo isiiti. Sababni isillee, ilaalcha hangummaa fi dhiphina muxannoo kan baay'iinn abbootin xiinxalina Islaamaa diinagde keessatti qaban irraa kan ka'e. kunis akka ilaalchi beektotaa (murtii dhala irratti) baay'atee, diiydamaa ol ta'u taasise.

Gariin *Mazhabootaa* /ilaalchoota tanaa kan beekamaniin, ragoolee keessaa filuu fi Hadiissan dhugaa kan barbaachisaa ta’an kan akka Hadiisa “Usaamaa Bin Zeeyd” dhala dhala *Nasii’aa* (dhala ballama deebii tursisun argamtu)irratti gabaabsuu keessatti akka waan hin beeynetti gatuudhaan. Akkassumas gariin Mazhabootaa, tooftaalee barbaadanii jechootarratti maramu. sunis, akkuma haala Hadiisa “Raafi’I Bin Khadij” keessaati, dhimma wajjin facaasuu ilaalee dhufeeti.

Yerroo as'aanaa kana, abbootin muxannoo diinagdee qaban, qu’annoo diinagdee Islaamaa keessatti bakka isaanii qabatuu jalqabanii jiru. Kunis, wantoota dhimma kana seerruu keessatti abdii namaa kennanirraayi, yoo Rabbi fedhe.

Ammas fakkiiwwan hanqina adeemsa aadaa keessa jiru irraa, jechoota *Sahaabaa, Tabi'iyyootaa* (waahillaan Nabiyyi, hordoftoowwani) fi beektota Salafaatiif -Rabbi Isaanirraa haa jaalatuu- qulqullummaa kennuudha. Akkumasan, ilaalcha keennatti, Qulqullummaan kan wahyii (*Qura'ana fi Hadiisa*) qofaati jennee oso mirkaneessinuu, jechoota fi tattaafiwwan isaanii *Hadiisaa* fi *Qur'aanatti*dabaluu. Namoolee san kabajuun, gama hubannoo isaan ququlleessuutti kan geessu fi kan yeroo gariis sirreessu fi guddinna irraa nu dhoorgu. Akkas ta'udhan, filannoolama qofa nuuf kenne. Sunis, filanno jala deemuutii fi filannoo jalaa luqqa'uu fi karaa baduuti. Haala kanaan, xiinxalinumaanwalitti qabaa fi yaanni isaacimaa ta'e kan ammaa kamiiyyuu,warra yaada jala deemuu hordofuu birattit,xiinxalina ifa gala hin ta'aini fi didamaa ta'u taasise.

Ammas, wanti akeekun (dubbachuun)nurraa barbaachisu, dhimma adeemsaa barbaachisaa kan jechoota *Hadiisa* qulqulluu *Nabiyyiitin*(SAW) walitti rarra'u, kan hanga ammaattis beektonni Muslimaa akka waliigalatti, jaarraan hedduun zamana Nabiiyyii irra dabruu wajjinu, hubachuu hin dada'ini. Karaan xiinxalina adeemsaa cimaata'e ittiin sirreessan hin jiru, hojiiwwan *Hadiisa*ququlluu Nabiiyyi (SAW) daandessuu, seeressuu fi haala salphaa ta'een yoo boqannnaadhan addaan baasan male. Kunis kan barbaachiseef, akka bektonni waligalaa fi warri gadi fageenna/addummaan baratan karaa laafaan, ofitti amanuun, beekkomsaa fi hojiilee hundaa keessattuu, irraa fayyadamuu danda'aniif.

Wantoonni *Hadiisa* ququlluu irratti mirkanaa'an, hojiilee hambaa (Kitaabolee Islaamaa) biro irrattis, ni mirkana'an. Sunis,

barbaachisummaa hambaa salphisuu, kan sirrii fi bu’a qabeessa ta’e, karaa yaada qulqullinnaa irraa fagaataa ta’een dhiyeessudha.Kunis kan barbaachiseef, akka baroomsi kun xiinxalina Islaamaa kan ammaatif gargaarsa ta’uu danda'uuf.

Xumura hubachiisa qeeqaa fi saffisaa ta’ee kana, dimmoota adeemasa Islaamaa kan jala deemuu ilaalchisee, wanti nurraa eggamu, akkamitti kaayyoo dhimma keennaa karaa qajeelaa ta’een fi ergaa issalle karaa sirrii ta’eetti deebifna jennee of gaafachuudha? Wantoonni seenaa Islaamaatti argaman, kan *khilaafaa* qajeeltuu tanaatti kufaatii fide, akka haqaatti, xiinxalina Islaamaa ykn tarkaanfilee fi dogoggoora hoggantoota Islaamaatiin ta'ee miti. Haa ta’u male, sadarkaa tokkoffaatti, dhangala’iinsa (baay’innaan Islaamumma seenuu) ummattoota fi sabootaa gama hundaa irraa baay’innaan, aadawwani duubatti haftuu isaanii wajjiin Islaamummaa seenanii, isii fi hawaasa isii irrattis dhiibbaa taasisaniin kan ta'e. Wantoonni kunis, akka ummanni Islaamaa dhaabbilee fi dandeettiwwan barbaachisaa ta’anii fi gosoota fi saboota baay’ee kaneen ittin hubatani ijaaruu hin dandeenne taasaise. Akkuma san, ummata kana akka warroota duraaniititti amaala gaarii fi amantitti dalguu horataniis godhuun hin mijoofne.

Haala kanaan, rakkooleen yeroowwan saniti fi wallaalummaan isiillee, adeemsa (adeemsa Islaamaa) dhaabuu fi hirmaanna haguuguu irratti walittiqabaman.  Yeroo warra dhihaa jalaa deemuu fi gabrummaa isaanii duudduu taate, tan bakkoota adda addaatti argamtu irraa socho’uun dirqama ta'a. Akkuma san, jechoota garii irratti kufuun, waan hin taane kijibuu, fi karaa miliqa jechoota barbaaduudhaan, warra dhihaatti fakkaachu fi

jala deemuuf haala mijjeessan. Akkana ta’un, adeemsi xinxalina Islaamaa, adeemsa jecha irratti hundaa'e ta'ee, jechoota *Qur’aana*fi *Hadiisaa* keessattis, hubannoo fi hordoffilleen tan beekkomsaa irraa fagaatte taati. Kun, waan hundummaan xiinxalina cimaa didduudha.

Wanti Yaadachuu qabnu, wanntoonni xiinxalini fi adeemsi Islaamaa mirkaneessan, kan milkaa’inni buu’uraalee qaroomina Islaamaa tan dabartee, akka isiin ilma namaa fi ummattota addunyaa kan moggaa keenna jiran, gama qaroominna adda addaa amantii, Saayinsii, hawaasummaas ta'eexiinxalina kakaafteedha.

Wantoota Islaamummaan nama ammaatif gumaachite gurguddoo irraa, waliguutinsa madda bekkomsaati. sunis, kan argameen, wahyii mirkaneesuu, tiiyssu, sammuu bilisoomsuu fi hidhaarraa isii gaddhiisuudhaan. Sammuu Muslimaa fi adeemsaa isaa eeguun, amantii, Shari’aa fi namaa Muslimaa eeguu ta’a.

wanti nurraa barbaadamu, seenaa keenna kan dabre hubachuudha, akka gorsa fi xiinxalina irraa fudhannee, madda laafina keennaa oso hin ta’in, madda jabbenna keennaa nuuf ta’uufi. kana ta’un, akka yeroo hundaa gama fuul duratti deemnufi. akkas godhuudhan, amantii fi ummata Islaamaatilleef, dandeetti fi dursummaa isaani deebisnaafi.

## Lammaffa: buu'uraalee fi seeroota adeemsa xiinxalina Islaama:

Waan dabran keessatti, adeemsa xiinxalina Islaamaa kan jala deemuu ilaalchisee, ilaalcha beeysisuu fi qeequu gabaabbinnaan goonee jirra. Ammas rakkoolee isa qunnamaa jirtu garii isii ibsinee jirra.Akkasumas, zamana ergaa fi wahyiin bu'e irraa jalqabe, yeroo dheera keessatti,sababaa rakkoo fi hanqina ijaarsa adeemsa xiinxalina Islaamaa mudateetiin, bu'aatiwwan dabarte kan isa dhaqqabdes, tilmaamene jirraa. Haaluma saniin, akka sammuun Muslimaa fi adeemsi *Hundeelee fiqhiilee* haftee fi xiinxalina qaroomina kan asiin dura hin dabrin, Ilma namaatif dhiheessan hobannee jirra. Akkas godhuudhaanis, dukkana sammuu ilma namaa haguuyde hundaa ibsuu danda'e jira. kaayyoo Islaamummaa fi Islaammatti dalaguu jeddutti, addaan fageenni guddachuudhan, bu'aan Islaamaa laafee/xiqqatee jira.waan yeroo san gufuun qarominaa hin jirreef, haalli ummata Islaamaa laaffatuu wajjinuu, ummanni Islaamaa warroota biro caalaa haala gariin ittifufani.

Ergasii boodaan akka haala, danbiwwaan fi adeemsa xiinxalina isiillee, deebiftee laaluf dirqamtee. Sababni kanaa, fuldura dhaabbin warra dhihaa mul'atuu fi rakkooleen dhukkuba qaromina kan ummattoota warra dhihaa irraa dhufan guddaachuudha.

Nama sammuu qabu hundaaf wanni mirkanaa'e, rakkoolee ummata Islaamaa jeeqaa jirtu baay’achuu wajjiin, xiinxalinn gubbarraa godhuun akka hin fayyanneedha. Kunis, waan

ittigaafatamummaan ummata kanaa ofii fi seenaa fuunduratis, ittigaafatamummaa kabajamtuu taateefi.

Qarominni warra dhihaa kan ijaarmte hamba qarominna Islaamaa irratti. Warronni dhihaa dachii Islaamaa keessa faca'anii, manoole barumsa sadarkaa ol-aanaa (yunivarsiitiiwwani) fi mana kitaaba Islaamaa keessatti barataa turan. Xiinxalinni yeroo guddinnaAwropaa, isaan irratti raga. Erga sani, of tuulummaan isaan fudhattee akka waan humni isaaniti fi dandeettin isaanillee madda kabaja mataa isaani tan hambaa waan argan gabbarru fi dhugarraa fagaachuu irratti hundooftetti deebituu ilaalaa turan.

Cinqiin warra dhihaati fi dhukkubni isaanillee kan hawaasummaa, fayyaa, barumsa Xiin-Sammuu fi amal gaarii qabaachuu dhabuu, dirree beekkomsaati fi siyaasaa keessattis jalqabde. Kun immoo, hawaasa isaati fi ilma namaa hundaa sodaa keessa galchee jira. Kanaafuu, madaalli/waliti-dhiheenya fi nageenya gama adeemsa ilma namaa fi qarominaatti deebisuuf, wanti nama ammaa, keessattu ummata Islaamaa fuundura jiru, Islaamummaa hordofuu qofa.

Adeemsa Islaamaa, xiinxalinaa fi jiruu keessatti hubachuudhaf, qu'annoo waliigala kan adeemsaa kanaatin jalqabna:

## 1-Akkaataa adeemsa xiinxalina laaIslaamaa fi baroomsaa isaa: (walguutinsa dhokataa fi mulataa):

akkaataa jiruu fi uumama caalinna walitti qabaa ta'e, hubachuu haalan barbaachisaadha.

Islaamummaa keessatti, hubannoo dhokataa fi mulataattu, hiika uumama fi hiriira sanille wantoota jiruu fi qabeenya dubaa

jiraani wajjin daandessa. Beekkoomsa waan hin mul'annee, Rabbii qulqullaa'a fi guddaa ta'e qofatu itti hallanyaaya (beeka). Inni, waan fedhe abbaa fedhetti (ergamtoota isaa irraa) hima, ummattootaaf akka qajeelluma ta'uuf.

Irra caalaa buu'uralee uumama dhokataa ta'e fi bu'aa inni namaaf buusullee, cuunfinee akka armaa gadii kanatti dubbachuun ni danda'ama: - uumamni kun taphaaf hin uumamne. Inni kaayyoo amalummaa gaarii ta'ee qaba. Kunis kan ta'e, kara hariiroo azaliitin (durii), sunis, kan dandeettin sammuu namaa irra gahuu hin dandeenne. Irraa caalan buu'aalee dhokatatti amanuu irraa namni argatu, jirenna Rabbii qulqullaa'ee, guddaa fi tokkocha ta'e beekudha. Innis, kan jiruu duniyaati fi ganda Irraa bodallee uumee Ammas, kan nama uumee, fedhii fi mirga toltuu, hamtuu, qajellumaa fi jallinna ittiinmurteeffatus kenneefi. Wanni kun kan ta'ee, yeroo Rabbiin isaaf sammuu keennee, dachii irrattis bakka bu'ummaaan isa kabjee, uumama hundaalle isaaf laaffisedha.

Rabbiin wantoota jiran hundaa, karaa fi sababbota galamaan gayuu fi mirkaneessuu keessatti, akka fedhii fi kutannoo barbaachisaa ta'anitti godhee uume jira. Sunis, ittigaafatamummaa nama mu'uminaa (dhuga'omsa), tan amaanaa ittiingeessu fi ittigaafatamumma bakka bu'ummaatin dhaabbachuu, ijaaruu fi dachii keessa deemee, Rabbi ququllaa'a fi guddaa ta'e irratti irkachuudhan ammas, haayyumma, haqummaa fi rahmatumma (nama rifachuu) isaa dhuga'oomsu fi itti amanudhan, dalaguu qabuuti.

Wanti bakka bu'ummaa kanaaf namaa mijjeessus, beekkomsa qabachudha. uumama dachii kanarratti mul'atan keesatti, Sammuun immoo, meeshaa fi karaa beekkomsattin ga'ani.
Wahiyiin, madda (ragaa) Rabbiin ilma namaatif, akka inni waan isa barbaachisu dimmoota dhokataa ta'e irraa, galma isii fi hariiroo ilmi nama isi wajjiin qabus ittiin beekuf keennuufi.
Hubannoo kanaan wahyii fi sammuun, uumama dhokataa fi mul'ataa ta'e kana keessaatti, bakka namaa daangeessu, jiruu fi uumama mul'ata keessattis sochii inni galma jara lameeni mirkaneessuuf godhuuf wal-guutan.
Ilaalcha Islamummaa keessatti karaan wahyii, sammuu fi uumamni ittiin wal-falleessan hin jiru. Tattaaffi godhuu fi haqaa wahiyiin dhufteen fudhachuutuu, sammuu fi bekkomsa gaari ta'e ammas sammuu fi beekkomsa badaa ta'e addaan baasa. Sammuun Muslimaa fayyaa isaa deefachuudhaaf, ilaalcha isaa tan Islaamummaa guutuu fi tan *Towhiidaa* (Tokkichumma Rabbi) fi tokkomma irratti hundoofte deefachuu qaba. Kunis, waan wantoonni dhokotaa (hin beekkamne) ta'an, kan mu'alatan (beekkaman) ta'anis, wahyii, sammuu fi uumamnis, irratti tokko tahaniidha. Haala Kanaan, adeemsi namaa Muslima sirraayee, ballamni dandeetti fi tumsaa kan Rabbiin isaaf seenes, ni mirkana'a.

## 2- Maddoolee xiinxalinaa fi adeemsa Islaama: *(Wahyii,* Sammuu fi Uumama):

Wahyiin akka madda qajeelcha Islaamummaatti, jecha Rabbiiti fi fedhii haqaa tan inni Nabbiyyi fi Eragamaa Isaa Muhammadinitti (SAW) wahyii godhe (buuse), akka innis nama

hundatti geessufi.qabatamni waan wahyiin namaaf dhiheessu, haala hariiroo namni Rabbiin wajjin qabuu fi kaayyoo argamiinsa namaa, uumamaa keessatti maal akka taate ibsuudha.akksumas, akkaata namni jiruu keessatti sochii ittiin godhuu fi booddee namallee ibsuudha.

Hirirri namni Rabbiin wajjiin qabu hundeen isii, hariiroo gabroonfachuu fi diqqeessuu oso hin ta'in, hariiroo tolchuu fi haala mijjeessuti, ammas hariiroo bakka bu'ummaa fi kabaajaati. bal'iinna, gad fageennaa ilaalcha kanaati fi safuuwwan taneen nama hunda dura, eennummaa ergamaa kabajamaa (SAW) ta’ee fi waahillan isaani kabajamtoota keessatti argina.

Sammuun kan nama qajeelchu, kakaasu fi meshaa inni bakka isaati fi kaayyo jiruu isaallee ittiin beekudha. Ammas, karaa wantoota hin beekkamne iittiin beeku fi ergaalee wahyii ittiin fudhatu. Kan wahyii gaari, sirrii, mirkanaa'a ta'ee fi kan kijibaa, waan dhugaratti hin hunda'ini, raga kijabaa, badaa fi jallissaa ta'an addaan ittin baasani.

Uumamni Rabbiin nafsee namaa irratti uumee fi sammuu ittiin waa hubatanis namaa kennuu, namni akka waliigalli uumama kanaa fi wahyiin, madda beekkomsa waligalaa ta’an, beekuu irraa, wanni isa dhoorgu hin jiru. Haala Kanaan, maddi lameen (wahyii fi sammuu) fi uumamni, akka namni kaayyoolee uumaa mirkaneessu fi gahee bakka bu'umma isaa tapatuuf, isa mijjeessuu keessatti walgutan.

Ummanni ifnana ilaalcha, hirmaannaa xiinxalina fi dandeetti isa tan dhokattuu taate, deefachuu yoo barbaadan, sammuun Muslimaa karaan dhimmoota waan hin mula'annee keessa ittin seentunii fi akkaata wahyii keessatti dhufeen alattis

ittiin irraa dubbattus hin jiru. ammas karaan gahee sammuu fi dalagaa isiille, kan jechoota wahyii hubachuu fi dalagaa irra oolchuu, ittiin tarkaanfatan hin jiru.

Ilaacha fi adeemsa Islaamummaa kan sirri ta'e kana keessatti, maqaa sammuutiin karaa irra maquuf, karaan hin jiru. Ammas, kaayyolee wahyii gatuudhan maqaa sammuutin, dhimmolee saboota ummata, haala itti amanamummaa, marii isaani kan fudhatama ittiin mul'isani fi bu'aalee isaanille itiin mirkaneeffataniin alatti, karaan irrummaa ittiin adeemsisaniin hin jiru.

Akkasumas, karaan sammuu Muslimaa tattaaffiwwan yaada burqisisuu, dubbisuu fi yaaluu irraa isaan ittiin dhoorganiini fi toyaatiinsa haqa qabeessa hin ta'in ittiin godhanis hin jiru.

Seenaa keessatti, ummanni Muslimaa dandeettiwwan isaanii baay'ee qisaasanii turan. Sunis, yeroo Muslimtoonni sammuu isaanitiif akka dhimmoota waan hin mul'annee, Rabbummaa fi barumsa Xiin-Sammuu dogoggoraa keessaa seenuu ayyamanidha. Barumsa Xiin-Sammuu dogoggoraa, dhimmoota waliigala kan Rabbii, akkataaa wahyiin ittiin hin dhufinii fi ergaan ittiin hin qajeelchini, kan uuman hin dhugo'omsin fi dandeetti dalagaarra oolu isaa, adeemsii muslimoota jalqabaa hin mirkaneessin irratti rarra'a.

Ilaalchi Islaamummaa qajeelaan kan wahyii, sammuu fi uuman keessatti wal-guutan, isituu warroota duranitif sammuu wa uummuu mijjeesse. Ammas, sammuu Muslimaatiif, karaa jiruu fi uumama ittiin mul'isuun bante. Akkasumas ilama namaatifis, karaa haarawa qaroomina ammaa kan adeemsa

sayinsi yaali irratti hundaa'e fi milkaa'innolee Kanaan dura keessattis fakkii hin qabneef, karaa bantee jirti.

Sammuun Muslimaa, wahyii fi uumaan walitti-qidoomudhaan, maddolee beekkomsaa ta'uun, gahee isaa kan qaroomina adeemsisu keessatti, gahee muxannoo beekkomsa akaadaamii Shari'aa Islaamaa fi gahee hojiilee siyaasaa fi seeraa tumu wajjiin walitti hin laaquu. Muxannooleen akaadaami ummataa fi hoggantoota isaanitilleef, xiinxalina, qu'annoolee fi qorannoolee karora isaani kaayuu fi waan isaaf barbaachisu ta’es dhiheessuu keessatti maddaa bu'urati jedhamte laalamti.

Akkuma san, hojiin buu'ura seera milkaa'a ta'e tumsisuu, cuunfaa ilaalcha ummata fi moxannoolee isaani dhimma hogganuu keessatti kan ta'e ta'u qaba. Ammas, mariin ummatumma tokko fi deeggarsa isaani irratti hin hundaa’u osoo hin ta’in, Muslimtoota sadarkaa adda addaa jiranis taasifamuu qabaa.

**3-ka'oomsaalee bu'uura adeemsa fi xiinxalina Islaamaa:**

Adeemsa Islaama kan adda isa godhu, ka'oomsaalee ijoo ta’an kan sammuu Muslimaatif karaa ibsituudha. Ka'oomsaalee tun, tokkummaa, bakka bu'ummaa fi ittigaafatamummaadha. Ka'oomsaalee sadeen tanatu sammuu Muslimaatif daandii bu'uraa lafa kaaya. Yeroowwan itti aanan keessatti, fashaalayuun sammuu Muslimaa kan argame, haqina beekkumsa barbaachisummaa akkaataa ka'oomsaalee kanaatin dalaguu fi isillee bakka kennuu dhabuu isaatitti deebi'a.

**A- tokkummaa:**

Sammuun Muslimaa akka waan hin jirreetti laalama, yoo tokkumma Rabbitti haala amanta keessatti shaakki hin qabneen amanee fi uumaama taasise, iimaan isaa kan waligalaa irraa ka'uudhaani fi Rabbi guddaa ta'ee ifatti beekudhaan amane male. Ka'oomsi kun, sammu muslimaa akka maddaa fi dhugaan uumama hundaatu tokko ta'u qabutti gajeelcha. Galma'inna sammuun Muslimaa mirkaneesse hundinuu, ka'oomsa bu'ura tokkommaa irraa kan madde qofa. Sammuun Muslimaa kan walittilaaqameefis, bu'ura kana gatuu fi inni akka ragaa xiinxalina, hojii fi ittidalaguu ta'u irraallee of daguudhaani.

**B- Bakka bu'ummaa**: bakka bu'ummaa namni dachii fi uumaa keessatti qabu jechuudha. Bakka bu'ummaan hubannoo sammu Muslimaa keessatti, qananii fi kabajadha.ka'oomsaa bakka bu'ummaa irraa ka'uundhaan, sammuu Muslimaa akka uumama fi jiratawwaanis, faayidaa isaa, uumamaa fi jiraattawwan isa moggaatiif, waan bu'aa qabeessa ta'e mijjeessutti ajajamaadha. Ammas ka'oomsi bakka bu'ummaa, qajeelcha fi dirqamni isiillee ilaalcha dhalota duraa biratti, madda dandeetti isaani tan isitti homuu hin fakkanne fi isiinis aalama hundaa ibsaniidha.

**C- Ittigafatamummaa amala gaarii**: ka'oomsi ittigafatamummaa, sammuu Islaamummaa ijaruu keessatti, ka'omsa bakka bu'ummaa fi hubannoo isiitifis, fuula birooti. Wanni bakka bu'ummaa, dandeetti fi kaayyon isillee of keessaa qabdu, ittigaafatumma amala gaari keessatti, gahee namni dhabbachuuni qabuu fi uumama mijjeessuu fi hogganu keessaattis, murtiiwwan isirratti rarra'uudha. Ka'oomsa

ittigafatamummaa irraa ka’uun, sammuu fi eennummaan Muslima, dhugaa, haqaa, toltuu fi ijaarsaa male, waan biro hin fudhatu. Ka'oomsi kuni himmo, wabii qajeellumaa fi sirrummaa xiinxalina islaamati. Kanatuu, dandeetti jaalalaa, arjoomuu fi obsuu akkaataa seenaa ummattotaa fi hawaasoota keessattis fakkii ta'un, dhaloonni Muslimaa kan jalqabaa qabaataa turan nuuf ibsa. Yeroowwan duubatti hafiinsaa fi namni Muslima haalan ittibade keessattu, wanti isa hanbissee fi qilee seenaa keesstti dhumurra isa dhoorge, laafina qalbii isaati fi itti dhagayamiinsa ittigaafatamummaa isaati.
Eenyumma tokkummaa tan sirrii taaten, sammuun adeemsa ofi sirriffate milkaa'a. ammas bakka bu'ummaa karaa gaarin geegessuun, sammu Muslima deemee injifata, ammas ittigaafatamummaa sirri taateen sammuun Muslimaa hogganama. Adeemsa waliguutaa ta'e Kanaan, namni Muslimaa kan qajeelaa ta’e, abbaa xiyyeeffanna, kan amalli isaa gaari fi hirmaannan isallee ittifufaa ta'a.

**4- hubannoolee bu'uraa tan adeemsa Islamummaa:**

Maddoolee adeemsa fi xiinxalina Islaamaa qofa beekuni fi daangawwani fi ka'oomsaalee beekuu irratti dhaabachuunis, qu'annoo adeemsaa irra gama ilaalcha qofa bakka bu'a. Kanaafuu, hubannoolee sammuun tun irratti hundooftee dalagdu, kan ittiin sochootu fi gama hojii bakka buutu beekun nurratti dirqama ta'a. akkuma san, hubannoolee tanneen, tan sababa aadaa dogoggoraa fi barumsa Xiin-Sammuu ummatoota Islaamummaatti seentetiin, xiinxalina ummata

Islaamaatti makamtee, isii boreessite irraayis,qulqulleessun dirqama ta'a.

Irraa ijoon hubannoolee tanneeni, hubanno kaayyoo uumamaa, aragamuu fi hubannoo qabatamummaa dhugaa, sadhaatawumma/tilmaamummaa bakkaafi hubannoo mirga murtii fi fedhii, akkasumas, hubannoo irkannoo waligalaa fi hubannoo sababaa raawwi fi hojii ilama namaati.

A- **kayyoo uumamuu fi argamuu:***Aqiidaan tawhiidaa* (amantiin tokkichoomsuu) fi bu'urri tokkummaa, amantii fi bu'urasammuun Muslimaa irratti hundoofte. Uumaan yoo Rabbii qulqullaayee fi olaana ta'e, kun akka maddi uumama fi kaayyoon isalle tokko ta'u dirqamaa godha. Akkasumas, tokkichoomsu fi tokkommaan tunis, uumamaa fi argamuun akka kaayyoof ta'e dirqama godha. uumama tokkichoomsuu tan sammuu Muslimaa keessa jirtutu, sochii inni ka'oomsa kaayootiin, uumamaa fi wantoota uumaa keessatti argaman wajjiin wal-qunnamuuf taasisu kessattiqajeelcha taatifi. Kayyoon uumamaa gahee bakka bu'ummaa namaa fi ittigaafatamummaa inni uumama hogganuu keessatti qabuutu,akka sammuun Muslimaa ka'oomsa sochii uumama tanaa fi haala isiin ittiin raawwattu beekuu qabdu dirqama godha. Kunis kan ta'eef, akka inni ittigaafatamumma isii hogganuu fi mijjeessutiin, akkaataa kaayyoon uumaa, wantoota jihaadaa fi bakka bu'ummaafis barbaachisaa ta'aniin dhabbatuufi.

## B - Hobannoo qabatamummaa dhugaa fi sadhaatawumma/tilmaamummaa bakkaati.

Sammuun Muslimaa fi uuman inni irratti uumames, sammuu fi uummaa ifnana w*ahyiitini* fi qajeelcha isaatin argituu taati. Kanaafuu, dhugaan sammuu Muslimaa keessatti, dhugaa qabatamummaa fi jirtuudha. Jiraachu fi bal'inna isilleee kan beekamamuudha. Namni Muslimaa, aadaa fikarawwaan issilleewajjiin akkaataa sirrii ta'een wal-qunnamuuf tattaafii godha.

Dhugaan waan qabatamaa kanhin jijjiramne tokko taatus, bakki namni isirraa jiru (dhuunfaan ta'e gareenis) bakka sadhaatawadha kanbakkaa fi yeroon jijjiramuudha. Kuni immoo, sadhaatawummaa bakkati fi hojirra olchuu jechuudha.

Sammuu fi xiinxalini Muslimaa ilaacha isaa kan ifagalaa ta'ee fikan qajeelfamaa wahyii irratti hundaa'een jabaatee ittifufa. Ammas, bakkoota wal-dabartii fi walfaalleesus, meeshaa nama kakaaftu fi guddinna akkasumas sababaa dammaqiinaa, waa uumuu fi harawoomsuu taasisa.

## C- Mirga murtii, fedhii ilma namaa fi Ittigaafatamumma isii:

Kayyoon jiruu adduniyaa ergaa Islaamaa keessatti, bakka bu'uummaa dachii irratti namaaf keennamtee ilaalchisee, fedhii isaa qorachuufi akka isiin, fedhii gaarii taati moo, badduu taatilaaludhaaf.

Jiruun Aakhira (irraa booda/ borii) ergaa Islaamaa keessatti, cuunfaa bu'aalee fedhii tanaati. Akkaataa jiruu adduniyaa keessatti itti isii adeemsisanitu, qaamaa keessattis makamee yoo

gaari taates gaaruma, yoo baddu taates badduma ta'uudhaan argamti.Hubannoon mirga fedhii namummaa fi murteessuu namaa, moggaalee fi bal'innahedduu ammaatti. Isaanis, bal'inna amantii, bal'inna xiinxalina Islaamaa fi bal'inna raawwachiisa hawaasummaati:

**1) Bal'inna Mirga amantii:** mirgi amantii, bu'uura waamichaa fi dhaabbilee Islaamaa ture. ammas kan Muslimtoota humna miidhaa fi hacuucaa irratti lola gurgudoolee akkaa taasisan isaan kakaase. Mirgi waan haqaa, ijjannoo fi ittigaafatamummaa ta'eef, ulaagaaleehawaasa keessatti isii ittiin adeemsisu fi rawwachiisuu nama dandeessisan hubachuun dirqama ta'a. Mirgi amantii, haqa nama ga'eessaa fi bilchaataa ta'eeti. Akkasumas, bilchinni qarominallee ulaagaaleeitti fayyadamummaa mirgaatif, keessattu mirga amantiitiif namaa dandeessiftu keessaa tokkota'uun ni danda'ama. Kunis, wantoota Islaamummaan yeroolee jalqaba isii, gosoota Arabaa tan adaala, amantii hin qabnee fi duubatti haftuu taateef taasisaa turte. Kanaaf, meeshaalee hundattuu fayyadamuudhaan gosota tanneen akka isaan, dhooqa dubbatti hafummaa fokkattuu taate jalaa baayaniif isaan gargaaraa turte.

Motummaan Islaamaa isii kabajju, walabummaa mirga amantii namootaa Muslima hin ta'inii, warrootaa kitaabbolee qabanii eega. Kunis kan ta'aa ture, jarreen kanarraa wantoonni Muslimoota qunnamaa turan, kan akka shiraa fi diinummaa osomaa jiruuti. Islaamummaan mirga san, jechoolee ifagaltuu taatee keessatti, namoota jara san malee jiraniifis, warrota qarominaalee kan dandeetti filaanoo qabanii, fakkaataa Fursi

(Iraaniyyoota) warrotta Rabbitti waa makaa turanii fi ibiddaa gabbaranifis mirga san murteessee fi jira.

**A - Bal'innaa mirga xiinxalina**: Bal'inni mirga xiinxalina namaa, bal'innaa mirga amantii guutuu fi isumarraayis kan dhalateedha. Kunis, mirga fedhii fi tolummaa murtii namaatitti kan rarra'udha. haa ta'u malee, innis kan ta'uuni qabu, gaddisa amantitti dalaguu kan walittiqabaa jalatti. Mirgi xiinxalinaati jechuun, , murtii akkanumaan dabarsuu fi wallaaluu jechuudha miti. Islaamummaan fedhii namaahacuucaa fi gad-qabiinsa qeessummaa irraanama bilisomsiti. Bilisummaan xiinxalina, mirgaa fi ijannoo bu'uuraa kan hiikni argamiinsa namaati fi ba'oolee ittigaafatamummaa bakka bu'iinsa ilmi namaadachii irratti qabuullee barbaadudha.

**2)-Bal'innaa mirga raawwi hawaasumma:**

bal'iini kun, hoojiilee, gochaalee adda addaati ammas, bu'aalee fi hariiroo jedduu dhuunfaa fi hawaasaaatitti taasifamanitti rarra'a. Kun, jiruu keessatti gama hojiiti. Raawwi hawaasummaa namaa kan hundaayu, mirga amantii fi xiinxalinaa irratti. Mirgoottin tun, mirgootaa dhuunfaatti rarraatu. Haata'u malee, hojii fi raawwiin namaa hawaasaa fi dameelee isaattis dabra. Akkana jechuun, mirgi rawwii fi dalagaaleen hawaasa keessatti dhuunfan dhabbatuun, seera bulmaata hawaasatiin hogganamuu qaba, Akkumaa seeroleen sirna bulmaata waliigalaa yoo kunuunsa mirga dhuunfaa kayyoo hin godhatin, seeraqabeessummaa isii dhabdutti, hawaasa kessatti seeraa baasaan Muslimaa murtileee baasu keessatti Islaamummaa fi safuulee isii tarkaanfachuu hin qabu.

**d- Rabbirratti irkannaa waligalaa:**

Rabbirratti irkachu jechuun, qalbiin nama mu'minaa (Rabbi tokkochomsee) dandeettii, ogummaa, haqummaa isaa dhuga'oomsu fi murti fi ajaja isatis jalachuudha. Irkachuun qalbiidhaa kan dhufuu, waan (wan amantiin dhufe ) kan hin arginitti amanudhaani. Irkachuun, Rabbi irratti irkachuu jechuun, namni Muslimaa jiruu keessatti dimmoota Rabbii tan waliigalaa wajjin ka'oomsa isa irraatti amantaa kaayu fi booddewwan waan hundaa keessattis murtii, ajaja isaa jaalachuu fi issattis of keennuun amala gochuudha. Cuunfan , amantaa Muslimaa fi adeemsi hubannoo isaa dhimmaa wantoota Rabbii tan waliigalaa jiruu keessatti ilaalchisee, boodden dimmootaa hundaatuu waan gaaridha. Isiin gaarii kan taatu, badhaadhinna Rabbiin namaa taasisee keessatti isa galatoonfachuu fi qormaata isaa irrattis obsuudha.

Tawaakkula ( sababaan oto hin dhaabbanne, wayi irratti irkachuudha) jechuun, sochii godhuu, tattaaffi taasisuu fi dimmoota xiinxaluu kessatti hanqinni argamuudha. Haala kanaan, amantaa kessatti badii gochuu fi ajajaa Rabbii qulqullaa'a fi guddaa diduu ta'a. ammas, dhirqama uumaa sirriidhaa, jiruu keessatti tattaafi gochuu, bu'aa buusuu, waa fooyyeessuu fi ijaaruu, mirkaneessuf, dirqamummaa sababaan dhaabbachuu falleessu ta'a.

**e- barbaachisumaa sababaan dhaabachuu, raawwii dalagaa ilma nama keessatti:**

Sababummaan jiruu nama Muslimaa keessatti, yaada isaa cimsuu fi adeemsa xiinxalina isa ijaaruufis, hubannoo

bu'uuraati. Uuman namaa fi amantiin Muslimaallee akka ibsanitti, Rabbiin qulqullaa'a fi guddaa ta'e,akka namnikaraa sababaa fi hiriirrawwan isif barbaachisaa ta'anititti fayyadamuun, ittigaafatamummaa isaatin dhaabatuu fi fedhii isaa ibsuuf, haala isaaf mijjeesse jira. Haala saniin, namni dirqama isaa ba'ee, uumaa isaatifis awwaata. bu'aa xumuraa keessatti, bakki tattaafi fi sochii isaa tarsiimoo Rabbii tan waliigalaa keessatti eessa jechuun, dhimmaa isaati miti. Wantoonni jiruu salafaa duraa (wahillan Nabiyyii) kessatti argaa turre, dhugaan hogganuu fi xiinxluu ilaalchise, ammas sababaatti fayyadamuu, gootummaa goddoo fi fuul-durratti deemuu wajjiinuu, bu'amaa hubannoo fi adeemsa kanaati jennee ilaalaa. Haala Kanaan ture, kan dandeetti fi injifannoollee ittiin argatan.

**5- dirreen addeemsi xiinxalina Islaamummaa keessatti raawatamtu: ( walittiqabummaa dirreeti fi malaati):**

Adeemsi xiinxalina Islaamummaa, adeemsa walitti qabummaati. Gosota hojiilee namaa, tan jiruu fi tattaafilee gahee isaa tan bakka bu'uummaa raawachuufisarraa eeggamu hundaa walitti qabatti.

Ammas, Adeemsa kana wanni isa adda godhuu gamtummaa malaati. Namni Muslimaa karaa danda'ee hundaanu beekkomsaa fi baroomsaa dimmoolee jiruuti fi uumamaa ilaalchise,barabaaduun ajajamaadha. Kunis kan ta'eef, akkaa isii mijjeessellee kunuunsufi. tooftaa sirrii fi kan kaayyoon isaa harawoomsuu ta'ee wanni isaa daangessu hin jiru. Haata'u malee, kan daangeffamu, dhimmolee aalama hin argamnee, wantoota sammuun namaa hubachuu hin dandeenne ammas,

sammuu Muslimaa dirqamoolee fi ittigaafatamummaa irraa deebiftukeessa karaa sirrii hin ta'iniin seenudha.

gamtummaa adeemsatiin alatti, amaanaaraawachiisuu, ergaa geessuu, khilaafaaakkaa isiin itti jalqabadee, akka Rabbiin isiif fedheenin fi qajeelfamaa amantii sirreessaa ta'eetin, dhabuuf karaan hin jiru.gamtummaa xiinxalina Islaamaa mirkaneessuf, burqaalee, tooftaalee fi dirreelee ilaalcha beekkomsaa addaan baasun nurratti dirqama ta'a. Kanaafuu, Dhaabbileen baroomsaa fi universitiin Islaamaallee, jechoota baroomsa irratti hundoofte ittifufuu malee karaa hin qabdu. Ammas Muslimtoonni,unka adeemsa saayinsii tan fildiiwan saayinsi hawaasaa fi teknoloojiwwan ilma namaa irratti hundooftu, bu'uura hunduummaa fi khalaqummaatiin hundeessuu qaban. Durasa, jechoota Islaamaa kan Qur'aana kabajamaa fi HadiisaaqulqulluuNabiyyiitin jalqabuun,boqonnaan addaan baasuun dirqama ta'a. Akkasumas,hanbawwan gorguddoo fi gaggaarii ta'anis, ququlleessun dirqama ta'a. Boqonnaan addaan baasuunis, bu'uura waan Ilaalchi Islaamummaa ammaa jirenyaa fi beekkomsaa keessatti barbaadutiin ta'uu qaba. Kunis, kan dirqama ta'eef, akka abbootin qorannoo, gad-fagennaa (isbishaalistoonni) fi xiinxaloonni Muslimaa, hojilee jechootaa (Qur'aanaa fi Hadisaa) fi Kitaabbolee hanbaa ilaaluu danda'aniif.

Ammas beektotaa fi xiinxaloonni Islaamaallee, baroomsaa fi dirree hundaa keessattis, fuuldureewan Islamaa tan saayinsi adeemsaa kaayuuf, qophii sirrii ta'een, jalqabuun dirqama ta'a. Akkasumas kitaabbolee jechootaa, ququlleessu fi maaddaa isii haala walittiqaba, ifagalaa , seenaa fi afaan sirrii

ta’een deebisani dhiyeessunis dirqama ta’a. kunis, akka qu’ataan fuldurewwan amantii fi xiinxalinaa, dhimmoota bekkomsaa, baroomsa adda addaa fi jiruu kessaa cuunfee baasuu danda’uufi. Haala kanaan, raawwannaan Islaamaa kan waa uumuu, hawwi fedhii qofa oso hin ta’in, jechaa fi ragaa addaan baasaa ta’a.

## Sadaffaan:sirna baroomsaa islaamaati fi saayinsii:

Qu’nnoolee, baroomsa hawaasummaa fi namummaa bu’uureessun akka dirqama ta’e tilmaamnee jirra. Akkasumas, adeemsa Islaamaadirree saayinsii uumamaa fi teknoloji kessattis, gama tokkon, haala baroomsaa amantiitin walguutuuni fi beekkomsa ergaa rabbiitin qajeelfame, xiinxalina Muslimaati dhiheessituuf, gama birootiin immoo, jiruu, lubbu-qabeeyyii fi uumama keessatis, akka dandeetti gumaachinna ilaalcha fi sammuu Muslimaa mijjeessituf bu’uureessunis dirqama ta’uu tilmaamnee jirra. Asitti, tarsimoo bu’uura tan dhimmoolee tanneeni fi baroomsaa Islaameessufis, barbaachisaa taate fi wanta isiifis barbaachisaa ta’an qorachuu yaallaa.

### (1) boqonnaan Jechoota Islaama addaan baasuu:

jechoonni Islaamaa girdowwaan isiitti makamte irraa yoo hin quqlleesin, barumsa Islaamaa fi saayinsiwwan hawaasumma Islamessuun hin danda'amu. Akkasumas, akkataa salphaa ta’een isi, keessattu keeyyatoota Hadiisaa, akka bektoonni walii galaa fi hayyoonni ittifayyadamuu dan’aniin addaan baasudha. Akkasumas, qu’annoolee seenaa fi afaani, tan jechootaa akkaaataa sirrii, sayiinsawaa, adeemsummaa fi mirkanaa ta’een,haala jechoonni hiikkaaleen walitti hin makamneen, qopheessuun dirqama ta'a. Sunis, dhaabbilee/ caasaalee beekumsaa tan xiyyeeffannaa dalagdu fi beektoota dhimmaa

kana akkaataa saayinsummaa barbaadamaa ta'eetin, dhaabachuu ni dandeettii qaban (jaaddah) ajajuudhaan ta'a.
Beektoonni fi abbootin qorannoo adeemsisanis, qu'annoolee taneen irratti xiyyeeffannaa godhuun, mormii adeemsisu/ qeequun, xiinxalina ibsuu fi irri'inna isii guutuun dirqama ta'a. Akkasumas saffisummaan, komputaraatti fayyadamuun, dhimmoota jechoota Islaamaa lakkaayu fi isiillee boqonnaan addaan baasuuf, akksumas, kitaabboolee hanbaa gaggarii ta'anis, haala saniin addaan baasu keessatti ittifayyadamudhaaf, meshaalee komputarii foyyeessuunis dirqama ta'a. jechoota Islaamaa, qophaa'inna beekumsarrtti hunda'e kan akkanaa kanaan, warri qu'annoo adeemsisan hundinuu, jechoota dubbisaani, faa'idaa gutuu irraa argachuun ni danda'ani.

## (2) gamtumma Ilaalcha ammayyaati:

Wal-dorgommiiwwan qaroominaa tan ummattoota jedduutti taasifamaa jirtu yeroo ammaa kanatti, jireenya Islaamummaatif qormaata guddaa taatee jirti. Tattaaffileen kitaabbolee saayinsii fi aadaa tan hojiilee qaroominnaalee ummattoota biro irraa hiikuuf taasifaman, bu'aa bayyi'ee hin finne. Ammas, gartuu dabalataa erguuni, ykn inistiitiiyuutiwwan dabalataa ijaarun, haala gaddisiisaa amma kan ummanni Muslimaa keessa jiru kana jijjiiruu hin danda'u. Sababaan kanaa, waan sammuu fi adeemsi Islaamummaa itti aanteefi. Sunis, fedhiin dursuummaa dadhabuu fi hawwiin /kaka'oomsi eennummaa fi amantiis, laafachuudhaan beekkamu. Haala Kanaan, hordoffi hangaa aadeffataani jiran.

Xiinxalina warrota dhihaa dinqisiifachuun, bahara isiitin liqinfamuu irraa Sammuu Muslima blisoomsun, itti fayyadama bilchaataa fi dhuunfaa ta'ee,ammas osoo bu'uuralee xiinxalina Islaamaa hin ballessin, muxannoolee ummattoota biro irraa fayyadamuubarbaachisa. Sunis, hubannoo, gamtummaa qarominaammaa tan sirridhaatti fayyadamuu, xiinxalina bilchaataa ta'e fi bu'a qabeessa ta'e filachuudhaan ta'a. Haala Kanaan,seenaa dabre keessatti, walitti-hidhummaan qaroomina jidduu ummatootaatti ta'aa turte.

**(3) matadureewwan barumsa saayinsiiwwaniif hawasaa fi bu'uuraalee isii:**jedduu ergaa Rabbii ykn *wahiyii*, galmaa, kayyoo isiiti fi jedduu dirreelee hawaasummaa, saayinsii fi adeemsa isillee walitti hidhuun kan jalqabudursaan, matadureelee fi bu'uuraalee Islaamaa dirreelee tanneen keessatti ramaduudhaan.

matadureewwan Islaamummaa tan saayinsiiniwwanif barbaachisaa taate, gosa lama:

Tokkoffaan matadureelee wali-galaa tan bu'uuralee Islaamummaa fi kaayyolee isii tan jiruu fi sirnoota ilma nama keesstti ijoo ta'anititti tan rarraatudha.

Kan lammataa matadureewwan, bu'uuraalee beekumsaa fi dirreelee beekumsa hawaasummaa fi hawaasummaa hin ta'in hunda ilaala.

Akkasumaa waantoota sadarkaa kantti barbaachisaa ta'an irraa, matadureewwan tun, bekkoomsa hundaa waan isaa addaa godhuu fi dimmoota isaaijooleekan ta'an irraa dubachuu fi ilaalcha, gumaachina, kaayyoo Islaamummaa dirreelee tana

keessatti,maal akka ta'e fi ilaalcha fi kaayyoolee Islaamumma hin ta'ini fi bu'aalee hawaasummaa fi namummaa tanneen lamaan irraa haala maraa keesstti argaman walitti madaalanii ibsuudha.
Akkuma yeroon dabruun, ilaalchi Islaamallee dirreelee saayinsiiwwan jiruu fi hawaasummaa keessatti jajjabaatuun, matadureewwan tuni fi bu'aa saayinsiiwwan hawasummaa fi hawaasummaa hin ta'inis bilchaataa deema.
Bu'uuraale garii matadureewwan taanaa, tan ilaalcha Islaamumaa fi ilaalchoolee qaroomina ammaatiin adda godhuuirratti marii adeemsisuun jalqabuun gaarii ta'a.

### A- bal'inni argamiinsa nama muslimaa:

bal’iinnii argamiinsa nama Muslimaa: gamtummaa waliigalaa fi baay’inna walguutudha: Ilaalcha Islaamummaa keessatti argamiinsi namaa, hubannoo adeemsaa barbaachiftuudha. Isiinis uumamni kun, baay’inna wal-guutaa fi gamtumma eennummaa namaa keessatti tokkome ta’uun adda ta’a.
qabeennummaan dhuunfaa tan warra dhihaa ammas, tan jaalalaafi fedhii lubbuu irratti hundoofte fi fedhiiwani fi waan argamu irratti xiyyeeffattus fashaloofte jirti. Akkumasan, qabenyummaa fi gamtummaan hacuucaa maarkisillee tan dimmoota qabeenyaa fi diinagde irratti xiyyeeffattus fashalooftee jirti. Haalumaa saniin, amantaaleen warroota bahaa fagoo, tan jiruu fi eennummaa namaa, qaamoolee miiraafi fedhii isaallee tuffattus, fashalooftee jirti. Aydilojiwwaan wa-didaa taa ta'an tun, dhuunfaa fi hawaasoota bulchitu, kan qabeenna isaani tooyattuufis, tasgabbina saayikolojii fi hawaasummaa

mirkaneessuufi keessatti fashaltee jirti. Gaaddisa isii jalattis, qullummaa iimaanaa fi rakkoon qu'annooleen, isii fala kaayuu hin dandeennes, nama dhuunfaa rakkisaa turte. Akkuma Islaamummaan mirkaneessitu fi uuman sirrii taates nama qajeelchitu, namni wanni irraa walittiqabamu qaama fi nafseedha. Kanafuu, fedhii qaamatii fi dinagdees ni qaba. Akkasumas, kaayyoo fi fedhii imaana guddisuu fi toltu fi sirreessuf tattaafi gotu of keessaa qaba. Islaamummaan jiruu namaa fi argama isa keessattis, hojii qaamaa hundaafuu, fageenna Iimaanaa taasisaafi. Kana irraa ka'uun, Islaamummaa keessatti rabbiin gabbaruunis, jiruu namaa keessatti bu'aa qabatamaa ta'ee, kan akka qulqullinnaa wuduu'a keessa jiruu, sirna qabaachuu Salaata keessaa, obsaa fi danda'u Soommana keessaa, arjoomuu Zakaa keessaa fi wal-qixxummaa Hajjii keessaatti argamtuu, haala lubbuu ofi amanaa geessuu fi ijaaruf of qoppeessaniin.

Bifa kanaan, jiruu namaa tan adduniyaa, dandeeffamtuu fi jibbamtuu taateef, fageenna waaraa fi bal'aa ta'etu jira. wanti isii boodaa kama isiiti, duuti immoo, xumura uumamaati miti. Fedhiin namaa jiruu tana keessatti, bakka qormaata fi namaa mokkoruuti. Wanti du'a boodaa immoo, bu'ama haala jiruu adduniyaati. Jiruun nama dhuunfaa tan adduniyaa waantoota isii qunnaman wajjiinuu, hubbanno waan isii boodaa tan isii sirreesitu, badhaaftu fi tan adabduu yoo hin qabaatin, tasgabbayuu hin dandeettu. Akkasumas, Islaamummaan hubannoo tokkummaa jiruu namaa keessatti, jidduu ilaalcha dhuunfaa fi gamtummaa wal-faallessan jedhee hin ilaalu. Jarri

lameen jiruu namaa fi fedhii isaa keessattis, dhugaadha jedhee ilaala.

**b- kaayyoo fi akeeka sirna uumamaa fi jiruu keessatti:**

Hubannoon kun, tilmaama /akeeka bu'uuraati fi dirreelee beekumsa hundaa keessattuu, mataduree ilaalcha Islaamummaatif barbaachiftu taate. Sammuun Muslimaa, sirna waliigala uumamaa fi jiruu beekuu keessattis, isaarra ka'a. Ammas, qu'annoo waliigalaa tan amalaawwani, walitti-dhufeenna, karaalee fi aadaa adeemsisuu keessattis, isaan qajeelfamaa.

Qabatamumma haqaa fi dhugaa, amalaawwan nafseewwani fi hariiroowwan hawaasummaa namaa keessatti:

Adeemsi hubannoolee Xiinxalina Islaamaa, Rabbiin tokkichoomsu fi Itti amanuu kessattis, kan inni irratti hundaa'u, dirree barumsa fi saayinsii isaa kamiyyuu keessatti, bu'uura mataduree ilaalcha saaynisaawaa ta'eeti. Sunis, hayxi, dhugaan, sirri, dogoggorri, toltuu fi hamtuun, dhugaa qabatamaadha. Kanaafuu, akkaataa Rabbiin amalaawaan, karaa fi aadawwan uumama fi jiraatawwan keessa kaayeetin isii beekun dirqama ta'a. Kanarraa ka'uun, sammun Muslimaa sammuu beekumsarratti hundoofte. Innis, hawwii fi oduu irratti hundaayun oso hin ta'in, ulaagaalee isii akkaataa bu'aalee isii kan qabatama ta'eetin, beekuf tattaafata. kunis kan ta'eef, sammun namaa kophaa isii, dhugaa qabatamaa tan guutuu taatee fi kaayyoo qabatamaa tan nafsee fi amalaawwan nama irraa barbaadamtu, beekuu hin dandeettu. Sababanis, dimmoonni sun, dimmoota waliigalaa tan Rabbii qofatti beeku namaaf mul'attuu

tan hin dandeenneti. Ammaas, kan qajeelcha ergaa Rabbiiti, tan meshaalee sammuu fi amansisaa ilama namaatiif daangeffamtuu taatee fi hubannoo isa hanquu taate, guutuuf barbaachiftuudha. Hubannoma Islaamummaa irraa, qu'annoo Saayinsyii hawaasa Islaamaallee, jiruu, uumamtootaa, wantoota fi amaloota, ofitti amantummaan laaluu jalqaba. Dhugaa qabatamaa, qajeelfama ergaatiini fi kaayyoolee isiitins barbaada. Dhugaa qabatamaa barbaaduu keessattis, qajeelfamaa fi kaayyoo ergaa irrattii hudaa’a. Kanaafuu, hin dhama'u, waantoonn hanquu fi fedhiin karaa qajeelaa fi sirrii ta'e irraa isa hin maysitu.

a. **dimmoota matadureewwan addaa tan saayinsii hawaasummaa fi nammummaa Islaamaa ilaalchise:**

qu'annoon saayinsii Islaamaa, matadureewwan, gamtawwani fi dimmoota adeemsa addaa dirree beekkomsa hundaa keessattu, addaan baafachuun dirqama ta'a. Dirreewwan bekkoomsa adda addaa, addaan baasuun kan guddaatuu fi fooyya'u, guddinna qorannoo, fooyya'insa hawaasotaa fi dandeettiitiin ta'uu, shakkiin hin jiru.

Dursatti, barbaachisumma waan dirreebaroomsa hammayya kan warra dhihaa biratti, barumsa amalaa jedhamuun waamamu, ibsuun nurratti dirqama ta'a. akkas jechuun, beekkoomsa sayikoloji, baroomsa qu'annoo hawasaa, barumsa wa’ee namaati.  karaalee kaneeni Islaameessuun jalqabuu fi dimmoota isillee Ilaalchaa Islaamummatin dhiheessun dirqama ta'a. kaayyoo kana gayuufis, waldayaalee fi kutaalee dhaabuu fi sagantaale qu'annoo fi qorannoo dirreelee tanneen keessatti qopheessunn dirqama ta'a.  kunis, akka beektotaa fi xiinxaloonni

Muslimaa, Ilaalcha Islaamumma kan sirrii ta'e dirreelee tanneen keessa burqisiisaniifi.

### A- Islaamummaa fi baroomsa oga/ guddisaa:

Ummanni Muslimaa,erga tattaafin isaani tan baroomsa fiiziksii, lolaa, seeraa, siyaasaa fi falasafaa barbaaduuf godhaa turan laaffatte, gama baroomsa guddisaa fi hooganiinsaa garagalani jiran. Erga sanii, garii baroomsaa qu'annoo hawaasaa kan barbaachisaa ta'ee fi shaakalaa,fakkeenya baroomsa dinagdee fi beeysisaa Islaameessuuf, kutaalee fi waldayaalee qu'annoo saayinsi dhimmaa kanaa tajaajiluu hundeessanii jiran. Haa ta'u malee, tattaaffii dirree lameenirratti taasifamtu irraa, hawaasin Muslimaa bu'aa isii haamachuu hin danda'u, yoo barsiifni/ guddifni fi qophee saayikolojinama Muslima kan dhuunfaa sirroofte male. Kanaafuu,warroota beekumsa Islaameessuuf dalagaa jiran biratti, qu'annooleen baromsaa fi siyaasaa, xiyyeeffannaa argachuu qabdi.

xiiyyeeffannaa itti keennuu kan bu'a qabeessa ta'u,irra caalan wantoota eennumma Islaamummaa yeroolee irraa boodaan tana keessattiaadda gootu irraa, wal-dhabiinsa fi wal-faalleessuu jedduu waandabballoonni ummataa fi dalaydoonni isaan keessa jiranillee ittiin falmataniini fi jedduu waan qabatama amala ummaataa, humana isaanii fi sadarkaa isaan keessa jiraniiti.

Muslimtoonni akka Islaamummaa guddoo taate amanti jabdu qabaatanis, haata'u male, isiin jiru Muslimtootaa keessatti, fakkeenya kijibaa kan ittiin wellisan ta'utti dhihaatti. Baay'innaan, hojiileeni fihaalli nama dhuunfaa ammas,amalli Islaamummaa jiruu Muslimtootaa keessatti, fallaa fakkii guutuu

fi qajeelaa ta'eeti. Kanaaf, fakkiileeni fi haalliin sun, dandeettii nama keessatti waa uumu fi namaaf waa gumachuu hin qabne. Isii irraahis, fakkiilee sirrii hin ta'in, tan hanqina qabdutuu dhalata.

Rakkoolee baroomsaa tan hawaasa Muslimaa keessa jirtuu hiikuun kan aanju,yaada xiinxalina kaayyoo malee fi daangeffamaa hin qabneetin oso hin ta'in, barumsa adeemsaa hudeessuni fi qu'annoo beekumsaa qindaa'aa fi ittifufaa ta'e adeemsisuu qofaan ta'a.

Safuulee, bu'uuraalee fi hubannoo Islaamumma tan ejoo qalbi ijoollee keesstti kan hundeeffamtuun, akkaataa fedhii qalbii Isaanitii fi yeroo/ sadarkaa isaan keessa jiraniitin oso hin ta'in, akkaata warra sadarkaa gurguddaa ga'eef toluuni. Hasofni barsiisaa fi qajeelchaa kan ilma xinnaatti taasifamu, sadarkaa tokkoffatti, hojii qopheessu fi yaada qalbii kan bu'uura ta'e uumuti. Haasofni warra bilchaatetti taasifamu immoo, hojii gorsaa fi qajeelcha sammuuti.

Akkaatan haasawaa fi jijjiramni inni ijaarsa (qama ) fi qalbii irratti uumuu,sadarkaalee ijoollummaa keessatti, sadarkarraa sadarkatti, waggarraa waggatti, yeroo irra yerootti, akkaataa fooyya'ina fi guddinna qaama isaatiin ta'uun, waantoota ijowwan barmootaati. Kanaafuu, akkaatan haasawa, hangam inni jijjiirama sammuu fi yaada daa'ima irratti fidee fi haalli hasawa kanaa, haalli haasawaa gorsaa fi qajeelcha kan warraa bilchaataa ta'eef godhamuu wal-dhabuu akka qabus, beekun nurratti dirqama ta'a.

Wanni shakki hin qabne,mucaan guddataa jirukan nurraa barbaadu, haasawa nafsee isaa keessatti akaakuulee fi humna

qablii gaarii dagaagsuu, uumu fi dhaabudha. Jarreen tunis, gama jajjabinaa, ofittiamanuu fi of guddisuuf, ka'oomsa fi akaakuulee milka'ina ummataaf barbaachiisaa ta'anitti tan kakaaftudha. Akkana jechuun, barsiifni daa'immanii, bu'uuraalee amantii, safuulee fi kaayyolee isiillee ilaalchisee, kan yeroolee guddinna isaa tan jalqabaa keessatti ta'uu qabu , waan gaarii kan miira jaalalaa, hawwii, laaluu ykn fedhii waa baruu, fi galma ga'u kan isa keessatti uumu ta'u qaba.

Yeroo mucaan sadarkaa waa addaan baasu ga'ee, ammas gama dargaggummatti ceehe, dirqama fi ittigaafatamummaa fudhachuu danda'e, barsiisan isa gorsuu fi booddee, ittigaafatamummaa, taaffeewan /wantoota hojiileerratti rarra'ani addaan baasufii jalqaba. Haala kanaan, miirri ittigaafatamummaa, nafse ofii tasgabbeessu, rawwii gaarii, mirgoota kabajuu, ulfinna namaa eeguu, dachiirratti haqummaa mirkaneessuu fi dogoggora sirressuf tattaafii godhuuttu,isa keessatti uumama.

Wantoota matadureelee barumsa Islaamummaa keessatti barbaachisaa ta'an irraa, warroonni qu'annoo adeemsisan, adeemsa beekumsaa ka ergamaa Rabbi (SAW), akkaataa shaakalli fi hojii isaanitiin, hariiroo isaan ijjoollee isaanii fi ijoollee Muslimtootaa wajjiin taasisaa turan, akkasumas wantoota isaan irraa (SAW)himamees, tooftaa jaalalaa, namaaf rifachuu, obsuu, hordofuu, ammas barsisa ykn guddisa isaani keessattis jarjaruu dhabu, haaluma saniin, Salaata keessattiis ta'e minbara gubbattis hiriira jara wajjiin godhuu, ilaalchisee, qu'annoo adeemsisuun dirqama ta'a.

Jidduu hubannoo, gaarummaa, jaalalaa fi bololuu dhabuuf, saayikoloji ijoollee qopheessuu fi hubanno,amala tasgabbessuu fi saayikoloji isaani qopheessuu keessattis, akka wal-faallessun hin jirre, ibsuun dirqama ta'a.

**b- Islaamummaa fi saayinsii siyaasaa: fuul 43**

Eennummaa ummataa mirkaneessu fi jiruu isaanillee ijaarun kan mirkanaayu, dhaabbilee siyaasaa tan haalaqabatamaa, safuu isaanii wajjiin wal-simattu fi tan ilmaan isaaniillee, ijaarsa fi fedhiilee isaani mirkaneessuu keessatti hirmaachiftu , ijaarudhaan.
adeemsa siyaasaa ummataa, gosa hoggantoota, dhaabbilee fi haala raawwii isii sirreessun, gosa xiinxalina, baroomsa saayikoloji, hubachiisa amantaa, hawaasummaa fi siyaasaa tan ilmaan teenna barsiifnu fi leenjifnu irratti hunda'a.

Jiruun siyaasaa Islaamaa tan qajeelaa, ummata yaadaa fi Ilaalcha qaroomina sirrii ta'anii qabu irratti hundaa'u qabdi. Ammas, tan hooggantonni fi dhaabbileen siyaasaa isaanillee, itti'amanummaa fi dhimma isaanii hoogganuu keessattis, hirmaannaa namoota isaanii irratti hunda'an ta'u qabdi.
Kaanaafuu, qu'annoon saayinsii siyaasaa,cimina dhabbilee siyaasaa teenna deebisuu fi amantiin buliinsa hooggantoota teenna tansiyaasaa Islaamaa irrattis, ta nu gargaartu ta'u qabdi. Ammas qu'annoon tun, tan dhala haarawa karaa isaani arganii, gahee isaanitiin dhabbachuu irrattis isaan gargaartu ta'u qabdi.
Dirree qu’annoo baroomsaa siyaasaa Islaamummaa keessatti, jidduu akeekaa dubbaatamaa ergaati (wahyii) fi yaada tattaafilee

qu’annoolee akadaami addaan baasun dirqama ta’a. akkasumas, jedduu murtiilee seereffamaa hawaasati fi murtilee seereffama sochii siyaasallee addaan baasuun dirqama ta’a.

Ergaan (wahyiin), kitaaba Rabbiin buuse, ammas, kan ergamaan Isaa kabajamaan(SAW), ajaja fi qajeelfamaa isaa itti dabaluu fi hir’isuun alatti, ummatatti geese.

Seereffamni sochii siyaasaa fi hawaasummaa immoo, ummannii amantii, kaayyoo isii qabachuu fi sanis, jiruu ummata keessattis, dalagarra olchuudha. Isiidhaanis, seerawwan, sirnootiin fi tarkaanfileen, sochiilee(harakaalee) ummataatin wal-simatanis labsamu. Sirnooti fi seerawwan sochiilee (harka) tanneenii,sochiilee jiru fi garummaa keessatti, seera bulmaata namoota dhuunfaati. akkana ta'uunis, yaanni dhuunfaa kan waan garii keessatti, ilaalcha siyaasaa walii galaa tan ummataatin wal-faallessu jiraachuu hin dhoorgu. Haa ta’u male,hanga yaada fi seerawwan sun jijjiiramtutti,dirqama sirnoolee fi seerawwan waliigalaa sanitti buluu, wanni jijjiru hin jiru.

Qu’annooleen akaadaamii tan xiinxaltoota, bektootaa fi warraa qu’annoo adeemsisuu,yeroo xiinxallaanii fi gadi fageenyaan laalan,ummataaf madda qabeenyaa fi gumaachina taati.

Qu’annoo dirreelee adda addaa keessatti akka walii-galaatti, seerawwan sochiilee siyaasaa akkaa addaatti, fi wal-dhabiinsi ilaalcha qu’attootaa, beektotaa fi abbooti qorannoolee jiddutti, sabaa yaada burqisiisuuti fi, seerawwan walii-gaala, sochiilee siyaasaafi hawaasummaa madaaluutin argamu,yoo Ilaalcha sirrii ta’een laallame, sadarkaa yaada qaama fedhe kamiiyyuu gad hin buusu.

Xuumura dhimma kanaa keessatti, wantoonni sadeen hundinuu,wanni wal-qunnamtuu, wal-guuttuu, walitti seentuuf, akkaa adeemsa seena qabeessa ummataa, gama Islaamummaa, kaayyoo fi ergaa isiititti ooftufi. Ummanni Muslimaa, dhugaa fi haaqas, dirqamaa kabajamaadha jedhanii laalan. Ammas, haqaa fi maalummaa, ergaa (wahyii), uumaa fi sammuu keessaa argatanis, haqa qabataamaadha jedhaanii laalu, haluma saniin, Wajjin mari'achuus, adeemsa bu'uuraa kan haqaa fi dhugaa sanitti gayuudhaaf barbaachisutti fudhatan.
Kana irraa ka'uun, hubannoon dhugaa qabatamaa, wal-dura dhaabbachuun, bifaa dhaaba warra dhihaatini fi irrummaa markisoota bahaatilleen hin mirkanooftu. Wanni shakki hin qabne, sirni Islaamummaa, ulaagaalee, dandeetti idolojii amantii fi seera bulmaataa kan dhuunfaa isaatin adda ta'uuf taa'a. kanafuu, wabummaawwani fi muxannoo akkaata baroomsa, bekkomsaa fi hubachiisaa siyaasaatin rawwachiisuu argamuu qabdi. Akkasumas, karaa hojii sirna siyaasaa Islaamaa, dhaabbilee isaa tan siyaasatii fi bulchiinsaatinta'uu qabdi. Bal'inni ummata Islaamaa guddachuu, bal'achuu fi guddinna isaani wajjiin, sanirraayis ka'uun, hawaasootaa uumama naannoolee, seenaa fi qaromina adda addaa ammattuu ta'anii jiru. Kanaafu, ittigaafatamummaa bulchiinsaa qoodun biyyoota Islaamaa keessatti sadarkaalee adda addaatiin, magaalaa, ganda, gudina, naannoon, wanta haala ummaata Islaama ammaatiin wal-simatu ta'uun ni mala. Waan kana ta'eef, matadureewwan barumsa siyaasaa Islaamaa, hubannoo sirrii ta'e nuuf argamsiisun dirqama ta'a. sirna siyaasaa Islaamaa, sirna siyaasaa goggogaa kan angoo fi hoggaanaa irratti hunda'ee oso

hin ta'in,  sirna sochiiti, kan bu'aalee ummataa tan amantii fi duniyallee kunuusuu kayyoo godhatu. Haala kanaan, sirnoota, tarkaanfilee fi dhaabbilee Islaamaa,akkaataabu'aalee ummataa tajaajilaniin, deebisanii hundeessuuf, wanni, ilaalcha Islaamaa haarawatti debisanii laaluu dhoorgu hin jiru. Sirna hawaasa Islaamaa keessatti, abjuu qabatama hin jiru, haa ta’u male, kan jiru,  dhugaa, qajeelcha, gad dhaabachuu fallaa gocha badii, kararraa dabiinsa, jallinna, akkuma haalonnii fi hojiileen lubbuuwwanii fi hawaasoota tuquutin,miirri ittigaafatamummaa, xiyyeeffannaan  tattafachuu fi haala gaarin raawachuun itti dhagayama.

Xiinxalinni siyaasaa kan yeroowwan jarreen gurguddoo kan akka Imaam “Al-Maawardi”, Shekha Islaamaa “Ibn teeymiyyah”, xiinxalaa falasafaa”Al-faaraabii”, abbaa siyaasaa, beekkomsaa fi falasafaa “Ibn Khalduun”,keessa kan mul'atee, harawoomsuun , guddachuun, fooyya’uun fi qu’annoolee isaani tan sayiinsii fi adeemsalle guutuun, akka tajaajila amantiii fi ummataa kennanii fi gahee qaroomina isaanii kanummattotajedduutti dursaa ta’ee yoo Rabbi fedhe, bahuuf, dimmoota kanaan dhabbachuun dirqama ta'a.

## B - Islamummaa fi baroomsa teknology:

Ummanni Muslimaa yeroo dabree keessa, gama qaroomina warra dhihaatti garagalani, qajeelfama bu'uuraa kan qabatamummaa fi al-logummaa xiinxalina warra dhihaati fi shaakalliwwan isaa kan addunyaa, jedhuu qabatanii turan. Erga sanii deebi'anii, addummaa qaroominaa tanaa fi amantiilee fi qajeelfamootaa warra dhihaa irraa buqqaate jedhani beekkomtii

laataniif. Qaroominni isaani tun, qaroomina qabenyaati,tan namaa fi fedhii isaallee Rabbiin gootudha. Kunis kan ta'e, erga qaroominnitun hafteelee ergaa fi wahyii Rabbii tan isii bira jirtutti, amantummaa dhabdeeti.

Ummanni Islaamaa, hayyoonni fi beektoonni isaanille, haalaa /amala qaroomina warra dhihaatii fi addummaa, hiddoota isii, hirmaannaa hawaasa fi teknolojii gootee hundaa keessattu, gaarummaa fi badummaa isii ilaalchisee,hubannoo guutuu irraa qabaachun dirqama ta'a. Kunis kan ta'u, adeemsa Islaamaa sirrii ta'e irratti hundaa'uudhaan, milkaa'innaalee fi waantoota gaggaarii ta'ani, irraa fayyadamuu fi dirreelee hanqinaa fi badduu ta'an irraa fagaachudhaan.

Beekkomsa namaa ijaaruu keessatti, ergaan /wahiyyiin waliigalaati fi sammuun muraasni wal- guutun, irra caalaa karaalee hirmaa'ina Islaamummaan, qaroomina ilma namaati fi adeemsa isallee sirreessuf, aalama keenna kan ammaa keessatti taasisa jirtuuti.

Islaamumman, baroomsa keessatti akkawaliigalaatti fi broomsa uumamaa fi teknolooji keessatti akka addatti, qabatamummaan, ilaalchaa fi kaayyoo sirrii ta'e, akkasumas falasafaa sirrii taate, tan qu'annoleen baroomsa saneenii, xiyyeeffannooleen, shakallileen fi uumaaleen isillee barbaaddu jechuudha. Haala Kanaan, baroomsi Islaamummaa, baroomsa haarawoomsaa, ijaarsaa, tokkichoomsa, amala gaarii, qajeelchaa ta'a.

Hojiin dirreelee saayinsii teknolojii islaameessuu, afaani fi gardaafoo xiinxalina amantii tan madda beekkomsa saayinsii ambaa, ammas tan baroomsaa saayinsinuuf dhiheessitu,

gulaalanii, akkaataa Islaamummaa, safuulee fi kaayyoolee isii jalaa kaa'udha.

Dandeetti ummataa dabaluu fi qabeenya isaanille kakaasun, akkaa kaayyoolee, qaroomina isaani tajaajiluuf, akka ijootti kan inni irratti hundaa'u, waanlubbuu daa’imman diqqoolee, gurguddataa jirtuu keessatti facaafamuu fi isaanifis dhiheeffamuudha. Kun, hojii haggantootaa barnotaa kan biyyoota Islaamaa keessa jiraniiti. Isiinis, hojii damee hedduu of keessa qabdu. Kanaafuu, sirna kitaabbolee qu'annoo barnootaa saayinsii, sadarkaalee, haala salphaa ta'een, akkataa ilaalcha fi hubannoolee Islaamummaa ibsuun kaayuu of keesaatti ammatti.

**Islamummaa fi dhaabilee barnoota**:

Dhabbileen bekkomsaa fi barnootaa, ka’umsa jalqabaati, tan humnoonnibarbaachisaa ta'an, kan akka beektootaa fi abbootii qu'annoo, kanneen waa uumuu danda'an kessatti dhalataniidha. Isaan, warroota meeshaalee fi dabballeewan bekkomsaa gaggaarii ta'an ummataaf dhiheessaniidha.

Baroomsa Islaameessuun kan jalqabuu qabdu, adeemsa Islaamummaa barbaachisaa ta'e, dirreelee beekkomsaa fi baroomsa adda addaa keessatti kaayudhaan. Akkasumas, matadureelee, seensaa isii kan waliigalaa fi ijoo, akka ka'oomsa qu'annoo, tattaafilee saayinsii fi qaroomina Islaamaa ta'aniif, kaayun dirqama ta'a.

Tarkaanfin duraa tan beekkoomsa Islaameessuuf barbaachiftuu taate, dhaabbileen baroomsaa Islaamaa hojiilee hamma ta'eetiin dhaabbachuudha, sanirraayis:

A - Jechoota wahyii/erga, tan *Qur'aana* fi *Hadiisaa* sirrii ta'ee mirkaneessuu, boqonnaaleetti addaan baasuu, hubannoo fikaayyoo isiillee warroota beektotaa kan isii qu'achuu barbaadaniif haala salphaan kaayudhaa.

B - Hambaalee ijoo ta'an (kitaabboolee) Islaamaa tan insaayikloopiidiiyaa fi tan waan tokkoo irratti hundooftes, mirkaneessuu fi boqonnaaleetti addaan baasuu.

C - Dhaabbileen saayinsii, baroomsaa fi yunvarsitiiwwani, hayyoota dirree baroomsa hawaasummaa keessatti gahee guddaa qabanii fi haftee Islaamummaa keessattis, beekkomsa qaban,akka dirreelee beekkomsaa hundaa keessttu, qu'annoole qajeelaa fi iittifufiinsa qabu adeemsisaniif,isaan kakaasuun dirqama ta'a. kunis, akka Ilaalchi saayinsii fi Islaamummaa ifagalaa ta'ani, sanirratti hundaayudhaanis, baroomsa, adeemsaalee fi kitaabbolee baroomsaa tan guutuu taate fi tan kitabboolee sirna barnoota warra dhihaati fi ilaalchaa isaaniille dhawaatan bakka buutu dhiheessun, akka danda'amuufi.

D - Dhaabbileen baroomsaa fi Islaamaa, hooggantoota ummataa, beektotaa fi hayyootii isaanilleef, hubannoo walii-galaa keennuu fi dhimmoota, baroomsa Islaameessu ijaa isaanii fuunduratti ibsuun dirqama ta'a.akkasumas, dhabbileen tun, hojii jaramayaa saayinsii dhaabuu fi barruulee dimmoota bekkomsaa irratti xiyyeeffattee, hirmaannaa saayinsii jabeessuu fi irratti deeggaruuf, tooftaa ijoo taate, maxxansuuf haala mijjessun dirqama ta'a.

E - Dhaabbileen baroomsa Islaamaa, barattoota fi warroota biyya alaatitti qorannoo adeemsisan, kunuunsuu qabdi.

# Guduunfaa: Islamummaa fi fuulduree

Sababani kanallee, akka qu'annooleeni fi qorannooleen isaanillee, tajaajila baroomsa hundeessuu, ilaalcha Islaamummaa sirriitiin, fidduuf. Ammas, akka xiinxalinni Islaamuummaa fi beekkomsa Islaamummaa qulqullutti hidhamuun isaanille hin laaffanneefi.

Haarawoomsi Islaamaa, ummataa fi namummaatilleef tajaajila waliqixxaati, kanaafuu, taattaaffileen warroota Islaamummaarratti dalagaanii (beektota Islaamaa) fi hoggoonta Islaamaallee, gama dhimmaa ijoo lameen armaagadititti, gargaluun dirqama ta'a:

**Kan duraa: fuuldurummaa ijaarsa ummataati:**

Gaheen dhaloota ummata Islaamaa kan ammaa ijoon, haala dirree irraa jiranii, bakkoota dalagaa fi dandeettii isaani beekuudha. Dandeettin dhaloota kanaa, jiruu ummataa jijjiruu keessatti kan irratti hundooftu, hojii fuul-duree fi dhaloota dhufaa jiran, saayikolojii fi yaadaanilleen akka isaan gahee Islaamummaa fi qaroomina isaanillee bahanif, issan qopheessudha.

Dhaloonni sun yoo rakkoolee qarominaa, siyaasaa fi lolaa, dura dhaabbachuu kan seeyan taate, dogongorani jiru. Sababani sanillee, dogoggora ijaarsa saayikolojii isaanii kan yeeroolee qopheeffamaa ilma namaa keessatti isii jijjiirun jabaatu irraa kan ka’e. Kanaafuu, tattaafileee wantoota armaagadi mirkaneessuu irratti hundaa'u qabdi:

### 1- Humnoota ijaarsaati fi tandhiiga dhangalaasu irraa baraartu dhiheessudha:

Hojiileen ijaarsa fuulduree tan qabatamaa, dursaan kan dhuftuu, dirreelee xiinxalina fi barumsaa keessatti. Isiinis,akka humni duula adda addaa kan ummata irratti adeemsifamaa jiru, dhaabuuf barbaachisaa ta'e, keessaa dhalatuufi. Duulli kun, kan hanga waa baraaruu fi haarawoomsuuf barbaachisa ta'een malee, isa irratti qisaasuun hin barbaachifneedha. Ammas, kan meeshaa humna ittiin dhangalaasani, ummanni itttiin laaffina irraa laaffinnattideemumiti.

### 2- Burqisiisa xiinxalina, hubannoolee, bekkomsaa fii mul'ata islaamummaa kan qajeelaa:

Kunis kan ta'uun, ijaarsa saayikolojii haarawoomsu fi hubannoolee humna qaroomina guddisuudhaani. Xiinxaloonni fi beektonni ummataa Islaamaa, sochiiwwan isaani keessatti, sababaawwan dabiinsaa adeemsa ummataa irratti xiyyeeffatanii, akka haarawattis, karaa siirri ta'e irra ummata kaayuuf, qu'annoo adeemsisani, fuuludura fakkatti hin qabne, ijaaruu qaban. Akkasumas, ittigaafatamummaan adeemsa xiinxalina Islaamaa harawoomsuu, cimina waliigalumma beekkomsaa mirkaneessuu, baroomsa, saayinsii hawaasummaa ilma nama, ilaalcha fi xiinxalina Islaamummaa ammayyaatin, hundeessun isaanirra jirti.

3- hubanna barbaachisummaa tattaafilee barumsa sirrii ta'e, ijaarsa eennumma Islaamummaa cimtuu fi yaada qalbii kan qajeela ta'ee, hooggantootaa, barsiisotaa fi abbootiifis

uumun dirqama ta'a. wanti kun kessattu kan halaan barbaachisu, sadarkaalee baroomsa duraa keessatti, manarraa jalqabee, oolmaa daa'immanii fi sadarkaalee baroomsa waliigalaa tan isii boodaa wajjinuu. Ummannis, hoggantoota boruu fi human dardaraa cimaa ta'e qopheessuu jalqabuu qaban.

**Lammaaffaan: fuul dura adeemsa ilma namaati:**

Fuul dureen ilma namaa kan yaachisaa fi sodaachisaan ta'e akka mul'atutti, milkaa'ina ummata Islaamaa, sirna barnoota isaanii harawoomsuu keessatti fi fakkaatti Islaamaa cimaa, kan qaromina warra dhihaa tan ammaa bakka bu'u danda'u, dhiheessu irratti hundaa'a. sunis kan ta'uun, ilma namaatif, kaayyoo uumaa amansiisaa ta'ee, bu'uuralee tasgabbina hawaasaa fi nageenya aalamaa dhiheessudhaan.Muslimtoonni hawaasa fakkattii ta'e kan fakkeenyummaa fi hidhanaa dhiheesu yoo ijaaran, qrominaa fi hawaasa isaani qofa baraaruu osoo hin ta'in, haala saniin, qaromina ilma namaa tan dachiirra jirtuu fi ergaa Islaamaallee tan harawoomsuu fi ijaaruu baraaraan. Ammas, hawaasa bakka bu'ummaa kan Rabbiin dachii tana irratti ajajee dhaaban.

| *Xalaayaa* | *Dhaabbata addunya kan xiinxalina Islaamumma Gabaabbinnaan* |
|---|---|
| Ka'oomsi haasawa adeemsa xiinxalina Islaamaa, rakkoolee ummanni Islaamaa yeroo ammaa keessa jiruu fi sababoota isii irraa burqe. Qabatamaan rakkooleen tun, kattummaa/ goginna, | •Dhaabbanni addunyaale-ssa kan xiinxalina Islaamumma, bara 1981 akka lakkofsa awroppatti hundaa'e. |

| | |
|---|---|
| hanqinnaa fi laafina adeemsa xiinxalina Islaamummaa marsite irraa tan dhalatte. Ummanni kun, rakkoolee isaani kan qaromina ammaa keessa ba'uu kan danda'aniin, haala mataa isaani fi qopheeffamoolee isaani kan ijoo ta'an, hubachuu qofaani. Sunis kan ta'un, dhimma sirna baroomsa xiinxalina Islaamumma irratti, ibsa dabalataa godhuun.<br>Dr. Abdul-Hamiid Abuu suleeymaan Ka'oomsaa kana irraa ka'uun, rakkoo qaroomina tanaa fi karaa isii keessaa ittiin ba'anis ilaalchisee, xalayaa cuunfaa xiinxalina fi ilaalcha isaa taate tana, dhiheesse jira. Sunis, adeemsa aadaa kan xiinxalina Islaamaa qeequ fi madaalun, erga sani, bu'uuraalee fi seeroota adeemsa xiinxalina Islaamaa kaayudhaani.<br>Xalayaan tun, barbaachisummaa gama ijaarsa fuuldurqabeessa ummata Islaamaa, laaluujebeessiti. Ammas, fuuldurri ilma nama kan | kaayyoon isallee, beektotaa fi hayyootaa Muslimaa, akka xiinxalina Islaamaa kan ammaa, sirna baroomsa isaallee dirree saayinsii, qu'annoolee ilma namaati fi hawaasaa fooyyessaniif, isaan kakaasudha.<br>• Kaayyoo kana mirkaneessudhaaf, dhabbanni kun, haasawoolee baroomsaa fi marii adeemsisuu yaala. Akkasumas, qu'annoolee fi qorannoolee maxxansuu fi kitaabbolee sirna baroomsa mana barnootaa fi yunvarsiti, qopheessun dhabbata.<br>• Haluma saniin, meeshoolee qorannoo fi ilaalcha saayinsii cimaa ta'ee fi dhuunfaa guutaa, ilaalcha walii-galaa, qabatamumma fi qaroominaa, hayyuu Muslimaatif dhiheessaa jiraa. |

| | |
|---|---|
| yaachisaa fi sodaachisaa ta'e, akka mul’atutti, milkaa’ina ummanni Islaamaa sirna baroomsa isaani, harawoomsuu fi fakki Islaamummaa cimtuu taatee qaromina warra dhihaa tan ammaa, bakka buutuu taates, dhiheessuu irratti hundaa’a. | |

# Kitaabni Kun

Dhimma imaammata xiinxala Islaamummaa irratti ka'umsi dubbii kan maddu, gaaga'ama ummanni Islaamaa gadaa kana keessattia rgamuu fi sababoota isaa irraayyi. Dhukni gaaga'ama kanaas kan jiru imaammanni xiinxala Islaamummaa hanqina, goggogiinsaa fi fashaliinsaaf saaxilamuudha. Ummanni kun gaaga'ama qaroomina ammayyaa isaa kana mudate keessaa bayuuf carraan tokkichi inni qabu akkaataa uumama isaa fi caaseffamoota isaa kan bu'uuraa hubachuu qofa. Kunis dhimma imaammata xiinxala Islaamummaa kana irra deebiin ilaaluun gadi fageenyaan hubachuudha.

Kana bu'uura taasifachuun, gaaga'ama kana keessaa bayuuf jecha, Doktor Abdulhamiid Abu Suleeymaan namni jedhamu kitaaba kana keessatti qarooma ummata kanaa irratti ilaalchaa fi hubannoo isaa gabaabsee ibsee jira. Akkasumas tooftaa gaaga'ama kana keessaa ittiin bayamus kaayee jira. Kunis gama imaammata xiinxala Islaamummaa isa durii ykn moofaa san qoratee gamaaggamuun, sanirraa ka'ee immoo bu'uuraalee fi seerota imaammata xiinxala Islaamummaa qopheessuuni.

Kitaabni kun egaree ummata Islaamaa ijaaruun hagam barbaachisaa akka ta'e ibsa,

egareen ilma namaa yaaddessaa ta'e kun tasgabbii kan argatuun; ummanni Islaamaa imaammata isaanii haaroomsuun, fakkeenyummaa amantaa Islaamaa kan si'ataa fi gaarii ta'e, kan qarooma warra Dhihaa bakka bu'uuf gahumsa qabu uumuu/argamsiisuu yoo danda'an qofa jedha.